QAACCESSA HAALA DHIYAANNAA LATOORSA MAQIBSA AFAAN OROMOO: KITAABILEE WABII FILATAMAN KEESSATTI

AHIMAD MUKTAARIIN

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA’EE, YUUNIVARSITII JIMMAATTI KOLLEEJJII SAAYIINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII, MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE

HAGAYYA, 2014(2022)

OROMIYAA, JIMMAA

# QAACCESSA HAALA DHIYAANNAA LATOORSA MAQIBSA AFAAN OROMOO: KITAABILEE WABII FILATAMAN KEESSATTI

AHIMAD MUKTAARIIN

GORSAAN: TASHOOMAA BALAAYNAA (PHD)

GORSAA AANTEE: TAAYYEE GUDDATAA (PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA’EE YUUNIVARSITII JIMMAATTI, KOLLEEJJII SAAYIINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII, MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE

HAGAYYA, 2014(2022)

OROMIYAA, JIMMAA

Ani Qorataan Maqaafi Mallattoon Koo Armaan Gaditti Eerame, Qorannoon Kun Hojii Koo Ta’uusaafi Kanaan Duras Yuunivarsiitii Kamiyyuu Keessatti Qorannoo Eebbaaf Hindhiyaatin Ta’uusaa, Mallattoo Kiyyaan Nan Mirkaneessa. Wabiileen Qorannoo Kanaaf Dubbisee Itti Gargaarame Hunda Wabii Keessatti Kaa’een Jira.

Maqaa: Ahimad Muktaar Mallattoo ________________Guyyaa_________________

Barataan______________________________ jedhamu waraqaa qorannoo isaa haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isaafi muummeef galchuu danda’uu ani gorsaan mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa______________________mallattoo_____________guyyaa___________

**Yuuniversitii Jimmaa**

Waraqaa qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuutiin guuttachuuf Ahmad Muktaariin Mata duree: **“Qaaccessa Haala dhiyaannaa latoorsa maqibsa afaan oromoo: kitaabilee wabii filataman keessatti”** jedhu irratti qophaa’e sadarkaa madaallii Yuunivarsiitiin kaa’e kan guuteedha.

**Koree Qormaataa**

QoraaAlaa____________________________Mallattoo___________Guyyaa_________

Qoraa Keessaa_________________________Mallattoo__________Guyyaa_________

Gorsaa______________________________Mallattoo___________Guyyaa___________

GorsaaGargaaraa_____________________Mallattoo____________Guyyaa_________

---

Itti Gaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

## Galata

Duraan dursee, Rabbii koo isa har'aan na gahe galanni haa ta’u. Itti aansuun yeroon qorannoo kana geggeessuu mata duree filachuu irraa jalqabee hanga qorannoon kun qoratamuun xummuraaf gahutti fuula ifaafi hawwataan miirri nuffii tokko malee obsa guddaadhaan yaadaafi gorsa ogummaatiin kan na cinaa dhaabbatan gorsaa koo Tashoomaa Balaaynaa (PhD)tiif galanni koo dachaadha. Akkasumas, maatii koofi obboloota koo yeroo rakkisaa keessatti yaadaanis haa ta’uu qarshiidhaan kan na deeggaraa turan hundaafuu galanni koo daangaa hinqabu.

## ***Axareeraa***

*Kaayyoon qorannoo kanaa kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessaatti akkaataa dhihaannaa latoorsa maqibsaa xiinxaluu, haala dhiyeennaaa irratti hanqinoota mul'atan adda baasuu, yaada furmaataa gama dhihaannaa kanaatiin ta'uu qabu lafa kaa'uudha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf maddi ragaalee madda raga sadarkaa tokkoffaa kan ta'e Sakkatta'a kitaabilee filataman kanneeniiti. Akaakuun qorannoo kanaa akkamtaa waan ta'eef, Odeeffannooleen funaannaman irratti hundaa'uun qaaccessa taasifameen kitaabileen wabii kunniin haalli dhiheessa latoorsa maqibsaa, qaawa kitaabonni kunniin qaban adda baasuun qaawwi isaanii adda bahee jira. Kanaaf, adda addummaa qabiyyee walfakkaataa irratti jiru dhabamsiisuuf' qopheessitootni kitaabilee wabii waliin mari'achuu, hanqina gama dhihaannaatiin mul'atu qorannoo qeeqa kitaaba isaanii irratti taasifame yeroo yeroon sakkatta'uun fooyyessuufi kitabileen yemmuu qophaa'an hayyoota afaanii gulaalchisuun barbaachisaa akka ta'e qoronnoo kana keessatti ibsameera. Walumaagalatti, qorannoon kun xiinxala dhihaannaa latorsa maqibsaa irratti kan adeemsifameefi hanqina kitaabilee kanneenii eeruun yaadni furmaataa yaboo qorannichaa keessatti kaa'amee jira.*

## Hiika Gabaajewwaniifi kottoonfannaa

MI= Maq Ibsa

FKN= Fakkeenya

YKN= Yookiin

WKF= Waan Kana Fakkaatan.

# BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**


Galata……………………………………………………………………………………………i

Axareeraa ........................................................................................................................ IV

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..................................................................................... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa................................................................................................ 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa..................................................................................................... 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa..................................................................................................... 5

1.3.1. Kaayyoo Gooroo .......................................................................................................... 5

1.3.2. Kaayyoo Gooree........................................................................................................... 5

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ...................................................................................... 5

1.5. Daangaa Qorannichaa ...................................................................................................... 6

1.6. Hanqina Qorannichaa ...................................................................................................... 6

1.7. Qindoomina Qorannichaa................................................................................................. 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUUWWAN WALFAKKATANII .......................... 8

2.1. Xiinlatii (Morphology) ...................................................................................................... 8

2.1.1. Latii ............................................................................................................................... 8

2.1.2. Latiilee Uunka Isaaniitiin................................................................................................ 9

2.1.3. Latiilee Tajaajila isaaniitiin.............................................................................................. 10

2.1.4. Latii Iddoo Argama Isaaniitiin ........................................................................................ 11

2.2. Maalummaa Garee Jechootaa ........................................................................................ 12

2.2.1. Akaakuu garee jechootaa............................................................................................... 16

2.2.2. Latorsa Maqibsaa ........................................................................................................... 18

2.3. Faayidaa Fufiilee Kitaabilee Wabii Keessatti Dhiyeessuun Qabu .................................... 20

2.4. Yaaxxina Qorannichaa...................................................................................................... 21

2.5. Sakattaa qorannoo walfakkaatanii ..................................................................................... 22

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO.................................................................. 24

3.1. Saxaxa Qorannichaa .......................................................................................................... 24

3.2. Akaakuu Qorannichaa........................................................................................................ 24

3.3. Madda Ragaa Qorannichaa................................................................................................. 25

3.4. Mala Iddattoofi Iddatteessuu ............................................................................................. 25

3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa ........................................................................................ 25
3.6. Mala Qaacceessa Ragaa........................................................................................... 25
BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE ...................................................... 27
4.1. Seensa ........................................................................................................................ 27
4.1.2. Sirrummaafi Guutummaa Latorsa Maqibsaa Kitaabilee Filatamanii.............................. 32
4.1.3. Hanqinaafi cimina kitaabilee filtamanii ........................................................................ 32
BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA....................... 35
5.1. GOOLABA.................................................................................................................. 35
5.2. Argannoo .................................................................................................................... 36
5.3. Yaada Furmaataa ........................................................................................................ 37
WABIILEE ......................................................................................................................... 38

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaa kun mata duree seenduubee qorannoo, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo gooroofi gooree, barbaachisummaa qorannoo kanaa, daangaa qorannoo, hanqina qorataa mudateefi qindoomina qorannoo of jalatti kan qabatuudha. Tokko tokkoo mata dureewwan kaannii walduraa duubaan bifa kanaa gadiitiin dhihaatanii jiru.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan tokko mataasaa danda'ee sadarkaa sagalee irraa hanga hiikatti haala ittiin dhiyaatu qabaachuu qaba. Qindoomina dhiyaannaa afaanii kan xiinxalu xiinqooqaadha. Qindoomina dhiyaanna afaanii kanneen jedhaman; akkaataa ijaarsa jechoota adda addaa, tartiiba ijaarama gaaleefi himaa yammuu ta'an, seerota afaanii kana xiinxaluun ammoo galma ga'iinsa sagantaa barnoota afaan sanaatiif gahee guddaa qaba. Sagaleewwanis seera afaan tokkoo eeganii wal duraa duubaan walitti aanuun qindaa'anii yoo ijaaraman malee ergaa hiika qabeessa ta'e dabarsuu hin danda'an. Kunis kan mul'isu haala ijaarama jechootaa, gareewwaniin qooduufi latiiwwan isaan maxxanfachuu danda'an xiinxalamuun hamma tajaajilaaf oolanitti seera akka qabuudha.

Gareen jechoota afaan hundumaa, haala murtaawoo ta'een akka walitti akka qabaman Lyons, (1981) fi Nelson, (2002) ni ibsu. Baay'inni garee jechaa kun ammoo, akkaataa xiinxalaafi amala afaanichaa akka hordofu Addunyaa,( 2010) lafa kaa'eera.Jechoonni afaan tokko keessatti argaman baay'eedha.Jechoota kanneen akkuma jiranitti qorachuuf rakkisaa ta'uu waan maluuf, garee garee isaaniitiin qooduun barbaachisaadha.Qoodiinsi garee jechootaa yeroo baay'ee kan bu'ureeffatu ulaagaa hiikaa, caasaafi uunkaati. Garee jechoota Afaan Oromoo hayyooni adda addaa bakka gara garaatti qooduuf yaalanii jiru.Hayyoono xiinqooqa duudhawaa gareewwan kanniin bakka saddeetitti yemmuu qoodan kanneen ammayyaa ammoo, iddoo shanitti qoodanii jiru. Xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ammoo maqibsaafi latiilee horsiistuu inni fufachuu danda'u irratti waan ta'eef, gareen jechaa maqibsaa ammoo xiinqooqa duudhawaafi ammayyaa keessattis qooddii ofdanda'e ta'ee,kan qoodamedha. Maqibsi akkuma maqaa isaa irraa hubatamu jechoota maqaafi ibsa jedhu irraa adeemsa diigalaatiin kan uumameedha. Kanaafuu maqibsi maqaa booda galuudhaan waa'ee maqaa sanaa akka addeessu nu hubachiisa.

Maqibsi garee jechootaa keessaa tokko ta'ee, haala itti latiilee fufatu xiinxaluun barreessitoota kitaaba seerlugaa Afaan Oromoo maal dhiheessaa akka jiran ilaaluun barbaachisaadha. Qorannoon kunis, xiinxala dhiyaannaa latorsa maqibsaa kitaabilee wabii Afaan Oromoo fiataman qophaa'an keessatti qaaccessuun kan dhiyateedha. Gareen jechaa kunis, latiilee adda addaa fufachuu danda'a. Akaakuu latii keessaa ammoo latorsi isa tokkodha. Kunis, jechoota Afaan Oromoo latiifi horsiisa jedhan irraa dhufedha. Kaayyoon qorannoo kanaa ammoo, latiilee maqibsa horsiisan kitaabilee wabii filataman keessatti xiinxaluun adeemsa maqibsoonni kun itti horsiifamaniifi haala kitaabileen kunneen ittiin addeessan gadi fageenyaan xiinxalamanii jiru.

Kunis, haala kitaabileen wabii latorsa maqibsaa Afaan Oromoo itti dhiheessan gadi fageenyaan qaaccessuun maaltu akka dhihaateefi maal ta'uu akka qabu xiinxalamee jira.Walumaa galatti,maqibsi garee jechaa keessaa tokko ta'ee latiilee latorsaa adda addaa fufachuun tajaajila seerluga gara garaa kan kennu yoo ta'u, qorannoon kunis, kitaabilee wabii filataman keessaa ragaan walitti qabamuun  ragaaleen kunniin ammoo tokko tokko kitaabichaa jalatti qaacceeffamaniiru.

### 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Haala horsiisa jechoota Afaan Oromoofi garee jechaa isaan danoomsan irratti qorannoon adeemsifamuun guddina afaan kanaatiif gahee mataa isaa qaba. Keessuma kitaabileen wabii maxxanfamuu qofa osoo hintaane haala seerluga afaanichaa eeguufi dhiisuun isaanii ilaalamuun garaa garummaa irraa gama walfakkeenyatti akka dhufamu qorannoodhaan agarsiisuun barbaachisaadha. Kana jechuun seerlugni Afaan Oromoo saayinsii addunyaa yoo bu’ureeffateyyuu haalahorsiisa jechootaa kan seera afaanichaa eege ta’uu qaba. Kunis, garee jechaa irratti fufamuun maal maal akka agarsiisaniifi barreessitoonni haala kamiin akka dhiheessan qorannoodhaan ilaalamuu qabu.

Kana bu’ureeffachuun, qorannoon kunkitaabilee seerlugaa kanneen wabiif itti dhimma baanu, dhiyaannaanlatorsaa maqibsa horsiisankunneen haala kamiin akka dhiheessan xiinxaluuf qorannoon barbaachisaa waan ta’eef, qorannoon kunis, kana galmaan gaheera.Kunis, qorataan kitaabileen maxxanfamuu qofa osoo hintaane qabiyyee walfakkaataa irratti barreessitoonni haala kamiin akka qabiyyicha dhiheessan xiinxalamuun barbaachisaa akka ta’e waan hubateef qorannicha gaggeesseera.

Kanaafuu, dhiyaannaa latorsa maqibsii Afaan Oromoo kitaabilee wabii filataman keessatti qorannoo adeemsisuun hanqinaalee gama dhiyaannaa walqabatanii mul’atan, adda baasuun qaacceessee kan dhiheesseedha. Haala itti fayyadama afaanii keessatti seera afaan sanaa gadi fageenyaan beekuun barbaachisaadha. Seerri afaanii kunis; guutummaa caaslugaa, ijaarama jechootaafi horsiisa isaaniis kan dabalatuudha.

Bu’uuruma kanaan, garee jechoota Afaan Oromoofi haala horsiisa isaanii hubachuuf dhiyaannaa kitaabilee wabii afaanichaan barreeffamanii bu’uura godhachuun adda baasanii beekuun barbaachisaadha.Jechoota ijaaruufis ta’ee, kanneen ijaaraman xiinxaluuf, haalli qindomina dhiyaannaa caaslugaa Afaan Oromoo kitaabilee wabii Afaan Oromoo keessatti mul’atan kun galma ga’iinsa adeemsa baruu-barsiisuu keessattis shoora mataa isaa waan qabaataniif qabiyyee isaanii xiinxaluun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, mata dureelee qorannoo kanaan walitti dhiheenya qaban qorataan sakatta’amanii qorannoo kanaan walmaddii qabamanii ilaalamanii jiru.Isaanis; Bultii Baqqalaa (2009), mata duree ‘Qaaccessa haala dhiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochima: kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 9$^{ffaa}$fi 10$^{ffaa}$’ jedhu irratti adeemsisee jira.

Qorannoon Bultii kitaaba barnootaa irratti kan dhihaateedha. Qorannoon kun ammoo, kitaabilee wabii irratti kan adeemsifamu yoo ta'u, walitti dhufeenyi qorannoo kanneenii haala dhiheenyaa ta'uu isaaniitiin ala mata dureeniifi qorannoon koo ammoo, kitaabilee wabii Afaan Oromoo ta'uun garaa garummaa keenyadha.

Qorannoon biraa sakatta'ame, Abboomaa Nagaasaa (2015) qorannoo 'xiinxala dhihaannaa jechoota kitaabaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 12' jedhuu kan gaggeesse yemmuu ta'u Abboomaanis, dhihaannaa caaslugaa ta'uu isaatiin ala kitaaba barnootaa irratti waan ta'eef, qorannoon koo ammoo, kitaaba seerlugaa wabii irratti waan ta'eef, hariiroo kallattii qorannoo kana wajjiin kan hinqabnedha.Dabalataanis, Temesgen, (1993) "Haala hormaata jechootaafi uumama jechoota Afaan Oromoo" irratti kan adeemsifamedha. Tamesgen haala horsiisa jechootaa ilaale malee maqibsa kanneen horsiisaniifi kitaabilee wabii keessatti dhiheessa isaanii hinilaalle.Kanaafuu, qorannoon isaa mata duree kanaan addadha.Kan biroo ammoo, Ijaaraa (1990) "Haala dhiyeessa xinlatii Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti" jedhuun adeemsisee ture. Inni kun ammoo, kutaa barsiifamu keessatti haala itti dhihaatee barsiifamuwaan ilaaleef qorannoo kootiin adda. Kaayyoon qorattoota kanneenii akka waliigalatti yoo ilaalamu xiinxala ijaarsa jechoota Afaan Oromoo adda addaarratti kanxiyyeeffateedha.

Qorannooleen armaan olitti sakatta'aman kunniin kitaabilee barnootaafi kitaabaan alas seeruma afaanii irratti kanneen raawwataman yemmuu ta'u, qorannoon kun ammoo, haala dhihaannaa caaslugaa keessayyuu latorsa maqibsatti fufaman kitaabilee wabii fiataman keessatti akkamitti akka dhiheessan qaaccessuu irratti kan adeemsifamedha. Kana akkan xiinxaluuf ammoo, kitaabileen seerlugaa xiinxalamuuf karoorfaman latorsa kanneenitti dhimma bahuun jecha garee isaa maqibsa hintaane yemmuu maqibsa taasisan qorataan dubbisee waan argeefidha.

Qorannoowwan armaan olii keessatti dhimmoonni xiyyeeffannan ka'an; qophii meeshaalee barnootaa maal ta'uu akka qabu; ga'umsa kitaabilee barnootaa hangam akka barbaachisuufi xiyyeeffannoon gama kamitti kennamuu akka qabu ifatti mul'isanii jiru. Akkasumas, meeshaalee barnootaa madaalanii fooyyeessuu barbaachisa akka ta'e kan ibsanidha. Qorannooleen kanneen hariiroo kallattii mata duree kana waliin qabaachuu baataniyyuu kaayyoon hunda keenyayyuu qorannoo afaaniifi caasluga irratti waan xiyyeeffataniif akka barruu walfakkiitti fudhatamaniiru.

Qorannoon kana keessatti ammoo, qaaccessa kitaabilee wabii Afaan Oromoo filataman keessatti haalli dhihaannaa qabiyyee latorsa maqibsaa itti dhihaatan kan qaacceffamuun dhihaatee jira.

Haaluma kanaan, qorannoo kun qaaccessa latorsa maqibsa Afaan Oromoo kitaabilee wabii kanneen irratti kan adeemsifameefi gaaffileen bu'uuraa armaan gadii ka'umsa kan taasifatedha.

1. Qabiyyeen latorsa maqibsa Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman keessatti dhihaate maal fakkaata?
2. Qabiyyeen dhihaate hanqina qabaa?
3. Hanqina mul'atuuf yaanni furmaataa isaa maal ta'uu qaba?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree ofkeessaa qaba. Isaanis, haala kanaa gadiitiin dhiyaatanii jiru.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroo qorannoo kanaa; dhiyaannaalatorsa maqibsaAfaan Oromoo kitaabilee wabii filataman keessaatti qaacceessuudha.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

1. Haala dhiyaannaa latoorsa maqibsa Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman keessatti dhihaatan adda baasuun ibsuu.
2. Qabiyyeen dhihaate hanqina akkamii akka qaban xiinxaluu
3. Hanqina mul'atuuf yaada furmaataa ta'u lafa kaa'uu.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Galma ga'iinsa guddina qorannoo afaan tokkootiif, kutaaleen afaanii qoratamanii gadi fageenyaan xiinxalamuu qabu. Kitaabileen wabii ammoo maxxanfamuu qofa osoo hintaane tartiibaafi seera afaanii eeganii maxxanfamuun barbaachisaadha. Adda addummaan afaan tokko qabiyyee walfakaataa irrattiyoo mul'ate kutaa barnootaa keessattillee barsiisonni wabeeffatan haala gara garaatiin qabiyyee sana akka ilaalan nitaasisa.

Haalli kun ammoo sirna qophii kitaabolee wabii kanaa gidduutti danqaa ta'uun dubbistoonni kan qaama ofii barbaadanitti akka dhimma bahan nitaasisa. Danqaa gama kanaan dhufu hambisuuf qorannoon kitaabilee kanneen irratti adeemsisuun barbaachisaadha. Walumaa galatti qorannoon kun faayidaa armaan gadii niqabaata jedhamee amanama.

1. Barreesitoota kitaabolee wabiitiif ka'umsa nita'a.
2. Namoota qorannoo mata duree kanaan walfakkaatu irratti hojjechuu barbaadaniif yaada ka'umsaa ta'uu danda'a.
3. Guddina barruu Afaan Oromootiif qooda mataa isaa niqabaata.
4. Dhaabbata yookiin namoota rakkoo kana irratti leenjii kennaniif madda odeeffannoo ta'uu danda'a.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kana gama irraawwatamaafi mata dureedhaan kan daangeffameedha. Kallattii irraawwatamaatiin, kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo keessaa, "Natoo", "Semmoo", "Furtuu" yemmuu ta'an, kitaabilee kanneen kan filatamaniif ammoo, qorataan dubbisee hanqina dhihaannaa isaanii waan argeefidha. Gama mata dureetiin ammoo, latoorsa maqibsaatti fufaman qaaccessee jira.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffamu kamuu hanqina mataa isaa niqabaata. Haaluma kanaan, qorannoon kun kan adeemsifame kitaabilee seerluga Afaan Oromoo irrattidha. Qorannoon kunis yemmuu adeemsifamu qaawa mataa isaa qabaachuu mala. Sababiin isaas qorataan yemmuu kitaabota kana xiinxalu baay'ina kitaabilee irraa kan ka'e wanti hafu jiraachuu danda'a. Akkasumas, haalli isaan itti dhiheessan waladda waan ta'uuf murtiidhaan dhiphachuu danda'a.Haata'uu malee, qorataan qorannoo kanaa qaawa kana hambisuuf kitabilee kanneen obsaan ol'aadhaan dubbisuun hanqinicha furee qorannoo kana adeemsisee jira.

### 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee kan dhiyaatedha. Boqonnaalee kanneen jalatis, mata dureewwan adda addaa nijiru. Haala kanaan matadureewwan boqonnaa tokko jalatti argaman: seensa boqonnichaa jalatti; seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa,

kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoominni qorannichaa dhihaatanii jiru. Boqonnaan lammaffaan ammoo, xiinlatii, maalummaa garee jechootaa**,** akaakuu garee jechootaa, latorsa maqibsaa faayidaa fufiilee kitaabilee wabii keessatti dhiyeessuun qabu yaaxxina qorannichaafi sakattaa qorannoo walfakkaatanii kan hammatuudha. Boqonnaan sadaffaan saxaxa qorannoo, akaakuu qorannichaa, iddattoofi iddatteessuu dabalatee mala qorannoo ofkeessatti kan hammateedha. Boqonnaan afraffaan xiinxala odeeffannooti. Ragaaleen madda ragaa irraa walitti qabamanis tokko tokkoo kitaabilee seerlugaa kanaatiin xiinxalamanii jiru. Boqonnaa shanaffaafi inni dhumaa goolaba qorannoo, argannoo qorannoofi yaada furmaataa ofkeessatti qabatee jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKATANII

## 2.1. Xiinlatii (Morphology)

Jecha xiinlatii jedhuuf namoonni adda addaa yeroo gara garaatti hiika kennaniifii jiru.(Ikraam, 2013:28), yoo ibsitu, 'Xiinlatii jechi jedhu jechoota Afaan Oromoo lama irraa kan ijaarame yemmuu ta'u, kunis jecha '**xiinxala'** jedhuufi '**latii** kan jedhu irraahi.'jetti.

Kanaafuu, xiinlatii jechuun damee xiinqooqa nuusaa ta'ee, waa'ee jechootaa yookiin akkaataa ijaarama jechootaakanqo'atuudha. Akkasumas, waa'ee faayidaa latii adda addaa garee jechootaa gara garaa kanneen akka maqaa, maqibsa, xumuraafi k.k.f duukaa hiriiranii tajaajila isaan kennan kan qo'atuudha. Kana malees, jechi tokko hiika qabeessa kan ta'u, latiilee akkamii fufachuu qabaa? latiileewwan gara garaas hoggaa walitti qindaa'aan yookiin ijaaraman haala kamiin walitti qindaa'anii jecha hiika qabu uuma kan jedhu asjalatti ilaalamu. Kana ilaalchisee

> *In linguistics, morphology is the study of words, how they are formed, how they are work together…Lexeme based morphology usually takes what is called an-item and process approach. Morphology is a branch of linguistics (and one of the major components of grammer) that studies word structures…* Katamba (1993:41).

### 2.1.1. Latii

Latiin caasaa xiqqaa afaanii jechoota afaanicha keessatti argamuun hiika laachuu danda'uu dha.Kunis, caasaan jechaahaala uumamaafi hormaata isaa kan ilaallatudha.Uumamaafi hormaanni jechaa immoo, latiiirratti xiyyeeffata.Latiileen hiika ofdanda'aa kanneen qabaniifi uunka hiikaa qabaachuu danda'u. Kana ilaalchisee: (O'Grady, 1996:112) yoo ibsu "Morpheme is the smallest unit of language that carries information about meaning and grammatical function".Kana jechuun latiin qaama xiqqaa afaanii ta'ee, odeeffannoo hiikaa kan dabaluufi tajaajila caaslugaa agarsiisuuf kan ooluudha. latiin qaama xiqqaa afaanii ofdanda'ee dhaabbachuun hiika tokko qofa kennuufi hirkatee argamuun tajaajila caasluga adda addaa argisiisuuf ooluudha. Hockette,(1970:123),"Morphemes are the smallest individually meaningfull elements in the utterance of a language," jedha.

Yaaduma kana ilaalchisee Filee, (2015:73),"Dhamjechi, jecha yookaan qaama jecha tokkoo ta'ee, hiika tokko qofaa kan qabu, caasaa afaanii keessatti murteessummaa ol'aanaa kan qabuufi

waa’ee hiikaafi tajaajila jechaa kan ibsuudha.” jedha.Waraabbii kana irraa, dhamjechi gareewwan jechaa adda addaa keessatti caasaa afaanii murteessaa ta’eefi jecha yookiin qaama jechaa ta’uu akka danda’u hubanna.

Dabalataanis, namniHornby (2005:993),jedhamu “Morpheme is the smallest unit of meaning that a word can be divided into one or different meaningful forms. The word “like‟ contains one morpheme but “unlikely‟ contains three morphemes,” jedha. Kana jechuun latiini caasaa xiqqaa afaaniihiika qabu ta’ee, kan jecha tokko uunkaalee hiika qaban tokko yookaan tokkoo olitti qoodee dhiyeessuudha. Afaan Inglizii keessatti jechi “like” jedhu dhamjecha tokko kan qabu yoota’u, ‘unlikely’ kan jedhu immoo dhamjechoota sadii qaba. Kun immoo, jechoonni afaan tokko keessa jiran latii tokkoofi isaa ol irraa ijaaramuu akka danda’an ibsa. Haaluma kanaan, jechoonni Afaan Oromoo keessatti argamanis, latii tokkoofi isaa olirraa ijaaramuu nidanda’u. Fakkeenyaaf, jechi “mootummaa” jedhu latii tokko kan qabu yoo ta’u, “miti mootummaa” kan jedhu immoo dhamjechoota sadii (miti-mootii-ummaa) kan jedhanqaba. As keessatti, “miti” kan jedhu qaamamootummaan ala kan jedhu yoo ta’u mootiin ammoo maqaafi ummaan ammoo, jecha biraa akka uumamu kan taasisteedha.

### 2.1.2. Latiilee Uunka Isaaniitiin

John Atkins, (1995).Latiileen qabiyyee isaanii irratti hundaa’uun bakka lamatti qoodamu.

#### A. Latii Ofdanda’aa

Dhamjechi walabaa of danda’ee hiika mataa isaa kan qabuufi dhamjechoota maxxanfachuuf banaa kan ta’e dha.

#### B. Latii Hirkataa

Dhamjechoonni hirkatoon of danda’anii hiika kan hinlaatnedha. Haata’u malee dhamjechootni kunneen uunka hiikaa kan qabaniifi jecha yookiin hundee jechaa irratti fufamuun hiika jechaa dabaluufi garee jechaa jijjiiruun jechoota haaraa uumuu keessatti gahee qabu. Dhamjechootni hirkataan qabiyyee irratti hundaa’uun hundeefi fufiitti qoodamu.

**C. Hundee Jechaa**

Hundeen jechaa qaama jechaa fufiileen isa irra jiran erga irraa bahanii argamu ta'ee, yaadrimee jechichaa kan baatuudha.Yaada kana, Addunyaan,(2012:34) Owens, (1985)wabeefachuun yemmuu ibsu, "Afaan Oromoo keessatti hundeen jechaa dubbifamaan kan xumuramuufi qaama jechaa kan fufiilee ofirraa hinqabne fufachuuf qopha'aa kan ta'eedha". Waraabbiin kun kan hubachiisu hundeen jechoota Afaan Oromoo qofaatti yemmuu haftu, dhamsaga dubbifamaan xumuramuufi fufiilee adda addaa fufachuuf mijataa ta'uu nu agarsiisa.

**D. Fufiilee**

Fufiileen akkuma maqaa isaanii irraa hubannu uunka xiinqooqaa, waan tokkotti fufamuun argamaniidha.Isaanis qaamolee xixiqqaa afaanii hiika qabeeyyii ta'ankeessaa isa tokkodha. Kun ammoo, kan hirkatan uunka yookiin bifa isaaniitiin akka ta'e hubanna. Fufiilee ilaalchisee toorri websayitii kun"An Affix is one or more letters or syllbles attached to the beginning or end of aword to change the word's meaning". (http://writing explained.orgaffix. Fufiileen dhamsaga tokkoofi isaa iirra kan caalu ta'ee, jalqaba yookiin dhuma jechaatti fufamuun hiika jechichaa kan jijjiirudha."In linguistics an affix is a morpheme that is attached to a word stem to form anew word or word form. Affixation is the linguistic process that speakers use to form different words by adding morphemes at the beginning (prefixation), the middle (infixation) or the end (suffixation) of words". (http://en. m.wikipedia.org-wiki Affix. Kanarraa hubatamu fufiileen hundee jechaa irratti gama duraa, gidduufi duubarratti dabalamuun yaadrimee jechaa jijjiiruu kan danda'an akka ta'e agarsiisa.Afaan Oromoo keessatti garuu fufiin gidduu hamma yoonatti waan hinmul'anneef, jecha duraafi boodatti kanneen fufaman ta'uu hubachuun barbaachisaadha. Fufiileen qabiyyee isaanii irratti hundaa'uun bakka lamatti qoodamu.

### 2.1.3. Latiilee Tajaajila isaaniitiin

**A. Fufii yaasaa yookiin Uumtee(Derivational affix)**

Akaakuu dhamjechaa hirkataa ta'ee hundee jechaa irratti fufamuun garee fi hiika jechootaa jijjiiruun jechoota haaraa uumuuf kan tajaajilu dha. Dhamjechootni kunis uumama jechootaa keessatti baay'ee murteessoodha."Derivetional morphemes when combined with a root, change iether the semantic meaning or part of speech of the affected word."

(https:llen.m.wikipedia.org>wiki>morp….) Akka yaada kanaattis, dhamjechi uumteen yemmuu hundee jechaa irratti dabalamu hiika yookiin garee jechaa jijjiiruu danda'a.Dhamjechi uumteen dhamjecha hortee dura yookiin hundeetti aanee gala.Fakkeenyaaf, jechi "**dheerina"**jedhu maqibsa**"dheeraa"** jedhu irraadhamjechi **-ina**fufachuun maqibsa gara maqaatti jijjiiree jira.

**B. Fufii Latorsa (Inflectional affix)**

Akaakuu dhamjecha hirkataa ta'ee tajaajila caaslugaa agarsiisuuf hundee ykn bu'uura jechaatti kanfufamu dha.Dhamjechi horteen akaakuu dhamjecha hirkatoo keessaa ta'ee tajaajila caaslugaa kanneen akka henna, ramaddii,lakkoofsa akksumas maayii matima mu'istuu kan mata dureen qorannoo kanaa irratti xiyyeeffatu agarsiisuuf jecha yookiin hundee jechaatti fufamu. Odeeffannoon toora interneetiirraa argame yaada kana akka itti ibsa."An inflectional morpheme modify a verb's teense,aspect,mood,person,or number,or nouns,pronouns or adjective's number gender or case wthout affecting the words meaning or class(part of speech).

Walumaagalatti dhamjechi horteen adeemsa fufannaa keessatti guduunfaa jecha tokkoo ta'uudhaan dhuma jechoota dhamjechoota yaasaa ofirraa qabaniis ta'ee hundee jechaatti aanee galuun sana booda dhamjechoota biro akka hinfufanne taasisa.Fufiileen bakka argama isaanii irratti hundaa'uun bakka afuritti qoodamu.

### 2.1.4. Latii Iddoo Argama Isaaniitiin

**A. Fufii duree**

Fufii dureen, dura jechaa galuun kan argamaniidha.Waraabbiin armaan gadii yaada kana caalaatti ibsa.

"A prefix is a letter or a group of letters added to the front of the root word to modify or change the meaning." Adugna Guade, (2009:416).

**B. Fufii Gidduu**

Fufii giddeen gidduu jechaatti kan argaman yemmuu ta'u akka afaan oromootti garuu fufii giddeen kan qorannoon bira gahamee hojiirra hinoolleedha.

### C. Fufii duubee

Fufiin duubaa immoo duuba jechaarratti dabalamuun kan argamaniidha.Addunyaa guaddee fufii duubaa yemmuu ibsu, Fufiin boodaa qubee yookiin qubeelee booda hundee jechaarratti fufamuun jecha biro uumaniidha jedha.

"A suffix is a letter or a group of letters added in to the end of the root (base) word to make another word."Adugna Guade, (2009:416)

### D. Fufii Laccii

Dhamjechoonni tokkoo ol duraafi duuba jechaa ykngaalee tokkootti waliin argamu. Dhamjechi yaada hi'eentaa{**hin**-} jettuufi dhamjechootni heddumminaafi raawwii darbe agarsiisan{-**ne**} jedhan yeroo baay'ee waliin argamu. Ramaddii hunda irratti gocha osoo hinraawwatamin hafe tokko agarsiisuuf duraafi duuba jechaatti bifa{**hin….ne**}, Fakkeenya: "**hin**deem**ne"**, "**hin**raf**ne"**,fi"**hinbaane"** kanneen jedhan ramaddii hundaafuu nihojjetu. Kanneen akkasii kun fufii laccii jedhamu.

Walumaagalatti, latiileen caasaa afaan tokkoo keessatti tajaajilahedduu qabu.Barbaachisummaa isaanii ilaalchisee: Harmer (1987:10) "It is clear that when we introduce a new piece of grammar we must teach not only the form, but also one of its function" jedha. Kana jechuun, caasaa haaraa tokko yemmuu jennu kan barsiifamuu qabu uunkaa qofaa osoo hintaane, tajaajila hiikaa unkaan afaanii sun qabuudha. Gabaabumatti latiin caasaalee afaanii keessaa tokko ta'anii tajaajiloota akka: ijaarama jechootaafi horsiisa jechootaa kan bu'uurudha.

## 2.2. Maalummaa Garee Jechootaa

Afaan hundumaa keessatti jechoonni garee murtaawoo jalatti walitti qabamuu danda'u Lyons, (1981); Greenbaum fi Nelson, (2002). Hammi garee kanaa garuu ammamii daangaa hubannoo namaafi akkamii amala afaanichaa kan hordofuu dha (Addunyaa, 2010). Haalli qoqqooddii garee jechaa yaaxxinoota ammayyaafi durii gidduutti akkuma garaa garummaa qabu barreessitootaa barreessitotattis adda addummaa niqaba. Haata'uu malee, hundumtuu saayinsii afaanii waan bu'ureeffataniif tokko tokko jala galchuun yookiin addaan qooduun raawwatu malee guutumatti kan tokko hojjate kan haqan miti.

Afaan Oromoo gama jechaafi haala horsiisa isaatiinis dureessa Temesgen (1993). Kun immoo, horsiisuufi uumuuf guddina afaanichaa dabaluuf mijaawaa ta'uusaa agarsiisa. Kana irraa ka'uun jechoota isa lakkofsaan hedduu amalaanis ammuma sana tahan qofa qofaatti xiinxaluun dadhabsiisaa waan taheef, gareetti qooduun barbaachisaa akka ta'e (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992)'n nideeggaru. Dabalataanis, Addunyaa, (2010) akkas "jechoota Afaan Oromoo gareetti qooduuf, amala jechoota afaanichaa irraa ka'uun ulagaalee mijatanitti dhimma bahuun barbaachisaadha" jedha.

Ulaagaaleen kunniin bifa garaagaraa qabaachuu malu. Gartokkoon qabiyyee mataasaanii qabachuu fi dhabuu irratti hundaa'uun yoo garee adda addaa jala galan kaan immoo bifaafi galumsa isaanii irratti hundaa'uun qoodamu. Hamma jechoota afaanichaa gadi fageenyaan xiinxalaa deemnu ammi qooddii kanaas jijjiiramaa deema. Kanas, Greenbaum fi Nelson, (2002:86) garee jechaa dhaabbataan hin jiru jechuun ibsu.

Afaan Oromoo caasaa mataa isaa kan qabuudha. Akkuma afaanota biroo seera mataa isaa fi jechoota isaaf ta'u qaba. Jechoonni afaan tokko keessatti argaman baay'eedha. Jechoota kanneen akkuma jiranitti qorachuuf rakkisaa waan ta'eef garee garee isaaniitti qooduun barbaachisaa dha.Yemmuu jechoota kanneen garee gareetti qoodaman ulaagaalee akka: hiikaa, caasaa fi uunka nibu'ureeffatu.

Kana irraa ka'uun, hayyoonni afaanii jechoota afaan tokkoo xiinxaluuf, daangessuufi hiika isaanii kennuuf akka tolutti gareetti qooduun yeroo gara yerootti qorannoo kan gaggeessanidha. Qorattoonni Afaan Oromoo daangaa jechoota afaanichaa beekuuf, amala jechoota isaa hubachuuf, uunkaafi danooma isaa akkasumas kutaalee isaan fufatan xiinxaluufi afaanichaas gadi fageenyaan qorachuuf harki caalaan isaanii garee jechoota afaanichaa iddoo shanitti qoodamanii jiru.Isaanis: garee maqaa, maqibsaa (addeessaa), gochimaa, dabalgochimaa (gochibsaa)fi durduubee jechuun kaa'u.

Karaa biraatiin garee jechaa jechuun akaakuuwwan jechootaa afaan tokko keessatti argaman jechuu waan ta'eef, barreessitoonni baay'een jechoota gareedhaan qooduuf ulaagaa adda addaa eeru. Gama caasluga duudhawaatiin (traditional grammarian) jechoota afaan tokkoo garee saddeetitti yoo qoodan, Kunis, tajaajila jechooni caasaa caaslugaa keessatti qaban gidduu galeeffachuudhaan ta'a. Qooddiin isaantiif bu'uura kan taasifatan hiika jechaa ture. Ulaagaa

isaan qabatanii deemaa turan hamma tokko sirrii ta'ullee guutummaan guutuutti sirrii akka hin taane kanneen biroon nimormu.

Afaan Oromoo keessatti barreessitootni, qopheessitoonni sirna barnootaa, akkasumas, barsiisonii garee jechootaa saddeettan caasluga duudhawwaa keessatti ibsamanitti dhimma bahaa jiru. Xilahun, (1995). Garee jechoota Afaan Oromoo akka warra biroo bakka saddeetitti qooduun afaan kana kanneen birootiin walfakkeessuuf yaaluu akka ta'e Addunyaa, (2010) akkan jechuun ibsa."Haallli kun immo jechoota Afaan Oromoo qajeelootti qorachuun osoo hin taane, qorannoo duraan geggeeffamanii fi haala qooddii garee jechootaa afaanota birootiin walfakkeessuuf carraaqqii godhamudha." jechuun morma.

Caasluga duudhaawwaa keessatti duraa duubummaa jechootaa murteessuun akka hawaasni itti madaqu gochuun ala, eenyummaafi maalummaa amala isaanii addaan baasuun akka amala afaanichaatti balballoomsuun beekamaa hinturre.

Caasluga duudhawaa biratti qooddiin bakka saddeetii, moggaasa kutaa 'dubbii' jedhamuun caasluga duudhaawaa keessatti haalaan beekamu yoo qabaatu, hayyoota xiinqooqa ammayyaa biratti moggaasichi garee jechaa kan jedhutti jijjiiramee waamamaa jira. Jijjiiramni kun moggaasa qofa osoo hintaane baayina qooddiifi ulaagaa ittiin qoodamu irrattis taa'ee jira. Ulaagawwan kanneen hayyuun xiinqooqaa O‟Grady (1996), akka ibsutti, jechoota gareetti qooduun afaanicha irratti waan hundaa'uuf akka ulaagaa bu'uuraatti; hiika, uunkaafi faca'iinsa irratti hundaa'amuu akka qaban eera.

Haaluma kanaan Abarraafi kan biroo (1998) bakka ja'atti yemmuu qoodanii jiru. Kana qooduudhaaf ammoo ulaagaa uunkaafi haala galumsaa (faca'iinsa) bu'ureeffatnii jiru. Qooddii Abarraafaa ilaalchisee Addunyaan, (2010) yoo qeequ, 'gaalees ta'ee ciroon maqaa ykn bamaqaa tokko ibsuuf odeeffanoo dabalataa waa'ee isaanii kennuu danda'u' jedha.

Walumaagalatti, baay'ina garee jechoota afaanichaa lafa kaa'uun dura bu'uura ramaddii adda baafachuun gaariidha.Kunis jechoonni waa'ee isaanii hinbeekne garee tokko jala galchuuf ulaagaan ittiin ilaalaman jiraachuu waan qabuufi. Kanaaf, akka ulaagaatti, ulaagaa xinjechaa, xiinhimaafi ulaagaa xiinhiikaa dhimma bahuun garee jecha Afaan Oromoo qooduu akka

dandeenyu Addunyaan, (2010) ni ibsa. Ulaagaaleen kunneenis haala kanaa gadiitiin ibsamanii jiru.

**A. Ulaagaa Xiinjecha**

Xiinjechi saayinsii haala ijaaramaafi horsiisa jechootaa kan xiinxaluudha. Kun immoo, akkaataa itti jechoonni afaan sanaa horsiifaman, haala isaan itti uumamaniifi garee tokko gara garee biraatti tajaajilan yookiin latii fufatan waan ilaallatuuf, guddina afaan tokkootiif gumaachan guddaa kan qabuudha. Dabaltaanis, latorsi tajaajila caasluga garaagaraa agarsiisuuf bifa tokkoon jechoota irratti akka hinfufamne mul'isa. Kanaafuu kanneen haala walfakkaataan fufatan garee tokko jala galchuun ulaagaa bu'uuraa ta'a. Hiika heddeefi moggoo (polysemy and homonemy) yoo ta'an malee, uunkaan addaa adda ta'uun jechoota afaanichaa addaan baafachuun badaa hinrakkisu. Kanneen amala dhuunfaas ta'ee, gareen qaban irratti hundaa'uun haala walfakkaataan fufachuun jechoota haaraa uuman, akkasumas, tajaajila seerlugaa agarsiisan garee tokko jala akka galan agarsisa.

**B. Ulaagaa Xiinhimaa**

Afaan kamuu haala jechoota isaa walduukaa hiriirsee hima itti uumu kan mataa isaa qaba. Ulaagaa kana yemmuu bu'ureeffatamu ammoo haala galumsa jechootaa irratti hundaa'ama. Haalli kun garuu, tajaajila jechi sun kennaa jiru waan bu'ureeffate fakkaata malee dhuftee jechichaa kan ilaalu miti.

**C. Ulaagaa Xiinhiikaa**

Jechi xiinhiika jedhu jechoota Afaan Oromoo 'xiinxala' fi 'hiika' jedhan irraa kan uumamedha. Jechoonni hiika aadaa, hiika bakka bu'amaa, hiika galumsaafi kkf qabaachuu malu.Hiika xiinxaluu keessatti dhimmoonni hawaasummaafi xiinsammuu hiika irratti dhiibbaa guddaa qaba. Kanaafuu, hiika bu'ureeffachuun yaada kanneenn xiinxala keessa galchuu kan barbaaduudha. Kun immoo jechoota hunda garee tokko jalatti ramaduu danda'a. Caaslugni dudhawaanis kanqeeqame sababa kanaafidha. Kanaafuu, xiinhiikni ulaaga guddaa ta'uun jechoota gareetti ramaduuf qofaa isaa gahaa miti.

Ulaagaalee olitti kaafne bu’uura godhachuun jechoota Afaan Oromoo iddoo shanitti qooduun Addunyaa, (2010). ‘…isaanis: maqaa, maqibsa, gochima, durduubeefi gochibsa’.lafa kaa’ee jira. Kana jechuun caaculeen hafan jara kana shanan keessatti ilaalamu jechuudha malee balballoomsa caasaa afaanichaa keessatti qooda hin qaban jechuu miti.

Caacculee hafan keessaa tokko raajeffannoodha.Raajeffannoon waan tokko kan ibsu miira/dhaggeettii keenyaati. Unkaaleen Xiinqooqaa waan miira keenyatti dhaga‟aman kanneen akka naasuu, gammachuu, aariifi wkf ittiin ibsachuuf akka feenetti hima tokko keessa bakka feene galchuu dandeenya. Karaa biraatiin, jechoonni kunneen qabiyyee kanneen biroo tumsu malee, kan mataa isaanii hinqaban. Kanaafuu, hima keessatti iddoo dhaabbataa kanneen hinqabannedha.

### 2.2.1. Akaakuu Garee Jechootaa

Maalummaafi garee jechootaa qoqqooduudhaan maali irratti akka hundaa’uu qabnu mata duree armaan olii jalatti ibsamuuf yaalamee jira. Gareewwan jechootaa Afaan Oromoo Geetachoo (2010:92), maqaa, maqibsa, xumura, xumibsaafi durduubee jechuun iddoo shanitti qoodee jira. Kan biraa ammoo, Addunyaa (2012:108), gareewwan jechootaa banamaafi maseenaa jechuun qoode. Banamaa jedhee kanneen inni lafa kaa’e, maqaa, maqibsa, gochibsaafi gochima jechuun qoodeera.Dabalataanis, Addunyaa,(2018:35), irratti garee jechoota Afaan Oromoo maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima jechuun bakka afuritti qooda. As jalatti garee xumibsaa hambisuun kan lafa kaa’e. Akkasumas, Ikraam,(2013:52) maqaa, maqibsa, xumibsa, xumuraafi durduubee jechuun keessee jirti. Haala qooddii barreesitoota kanneenii bu’ureeffachuun kanneen isaan hundinuu wajjiin qaban haala armaan gadiitiin ibsamanii jiru.

#### A. Maqaa

Maqaa jechuun moggaasa adda addaa kan namaaf, bineensotaaf, ilbiisotaaf, bakkaaf, meeshaaleef akkasumas, wantootaaf laatamuudha. Egaa maqaan yemmuu moggaafamu qaama moggaasa sana argateefi maqicha sana gidduu hariiroon dhiigaa wahiituu kan hinjirredha.

**B. Maqibsa**

Maqibsi jechoota Afaan Oromoo lama irraa kan dhufedha. Moggaasa kana irratti, JaarraaW.Bfi kan biroo, (2008:97), yoo ibsu, ‘Maqibsi jecha lamarraa kan uumame jecha tishoodha.’ jedha. Dabalataanis, dictionary of current English jedhu wabeffachuun, ‘Adjective is word used to describe or modify noun or pronoun.’ Waraabbiin kun akka ibsutti maqibsi jecha maqaa yookiin bamaqaa addeessuuf nu gargaaru akka ta’e nu hubachiisa. Maqibsi garee jechaa keessaa tokko ta’ee, maqaa booda dhufuudhaan waa’ee maqaa sanaa kan ibsuudha. Kunis, ibsa akka bifaa, amalaa, hangaafi kanneen biraa ibsa.Addunyaa, (2018:56), yaada kana nideeggara.Akkasumas, jechi nuti waa’ee isaa beeknu fufii yaasaa yookiin latorsa fufachuun maqibsumma isaa mirkaneeffachuu yookiin maqibsatti geeddaramuu danda’a.Maqibsoonn hima keessatti gidduu matimaafi antimaa nimul’ata.

**1. Maqibsa /bu’uuraa**

Maqibsoonni bu’uuraa kanneen jedhaman durumaan kanneen gareen jechaa isaanii maqibsa ta’edha.Kana ilaalchisee Addunyaan, (2018:59), akkana jechuun ‘maqibsoonni bu’uuraa durumaanuu afaanicha keessa kan jiraniifi adeemsa ijaarsa jechootaatiin kanneen argamaniidha. Kanaanis warra yaasaan uumamanii argaman irraa adda ta’u. Akka ibsa isaatti maqibsi akaakuu kanaa kanneen jalqabuma gareen isaanii maqibsa ta’edha. Kanneen yaasaan uumaman ammoo adeemsa jechoota gareen isaanii jijjiiramuun uumamu akka ta’e agarsisa. Kunis, maalummaa, bifa, amala waan tokkoo kan ibsuudha. Fkn. gurraacha, dheedhii, haphii fikkfniidha.

**2. Maqibsa yaasaa**

Maqibsoonni akaakuu kanaa jechoonni garee jechoota adda addaa latii yaasaa fufachuun maqisoonni yemmu uumamaniidha.Kanas, Addunyaa, (2018:59), ‘Akaakuun maqibsa kanaa fufiilee yaasaatiin garee jechaa isaanii gara maqibsaa kanneen jijjiiramaniidha.’

Fkn. sodaataa, fokkisee…

**C. Durduubee**

Gareen jechaa kan irratti namoonni yaada gara garaa kennanii jiru. Addunyaa, (2018:63), ‘durduubeeb garee jechootaa keessaa tokko ta’ee, hidhata maqaan, yookaan gaaleen maqaa

gareewwan jechootaa yookaan gaalewwan biroo waliin qaban ifa kan baasudha.’ Asirraa wanti hubatamu, durduubeen garee jechootaa yoo ta;u, gareewwan jechootaa biroo waliin hiriiruun tajaajila caasluga adda addaa akka kennudha. Dabalataanis, Ikraam, (2013:91) yoo ibsitu, ‘Maqaan durduubee jedhu jechoota Afaan Oromoo dureefi duubee jedhu irraa walitti tisheeffamee kan uumameedha. Kunis, qaamolee wajjiin hiriiruun tajaajila kennan sana duuraa yookiin booda galuun ergaa afaanichaan darbu hiika qabeessa taasisuuf kanneen oolaniidha. Akkasumas, jecha dura yookiin booda dhufee hima keessatti matimni, maqaaniifi maqdhaalonni hariiroo isaan waliin qaban walitti kan firoomsudha.’Yaada kana irraa kan hubannu durduubeen garee jechaa jechoota booda ykn dura galee tajaajila adda addaa nuuf kennu akka ta;edha. Durduubee Afaan Oromoo keessatti hirkataa yookiin **o**fdanda’aa ta’anii dhufu.

**D. Gochima**

Xumurri jecha waa’ee namootaa yookiin wantootaa maal akka ta’e yookiin maaltu akka uumame kan agarsiisudha. Akkasumas, gochi tokko raawwatamuu isaa kan nutti agarsiisuudha. Xumurtoonni akaakuu adda addaa akka qaban barreessitoonni gara garaa haala adda adaatiin nikaa’u.

### 2.2.2. Latoorsa Maqibsaa

Maqibsi akkuma gareewwan jechoota biroo latii latorsa fufachuun tajaajiloota seerluga afaanichaa nikenna. Maqibsoonni akkuma maqaa isaaniituu ibsu maqaa boodaan dhufuun maqicha ibsuu ykn bamaqa ibsuu waan danda’aniif, yemmuu caasaa hima sanaa keessaa mataa himaa yoo ibsu matima mul’istuu fufata. Akkasumas, kutaalee himaa kan biraa ibsa taanaanis haaluma kanaan fufiilee adda addaa nifufata.

**A. Latorsa Maqibsaa Tajaajila Saala Agarsiisan**

Maqibsa kanneen jennu gareen jecha isaanii maqibsa kan ta’an yoo ta’eyyuu, jechoonni adda addaa latorsa fufachuun saala isaanii adda nuuf baasuu danda’u. Fakkeenyaaf, ‘guddicha’, ‘guddittii’ jechoonni jedhaman inni jalqabaa koorniyaa dhiiraa yoo bakka bu’u inni lammaffaan ammoo dubartoota bakka bu’a jechuudha.Kunis, latorsa /-icha/ fi /-ttii/fufachuun. Maqibsi Afaan Oromoo kanneen latiin koorniyaa dhiiraa, dubartootayookiin saal-maleeyyii /nuetral ta’an agarsiisuu malu. Kana ilaalchisee: Goerge.Y (2006), yoo ibsu, ‘Masculine adjectives are used

with masculine nouns, feminine adjectives modify feminine nouns, and neutral adjectives can be used with any noun. Maqibsi saala maleeyyiin hundi saala dhiiraa yookiin dubartootaa jalatti ramadamu. Latoowwan maqibsa irratti maxxananii saala dhiiraa mul'san: -aa, -aawaa, -acha, fi -eessa. Kanneen saala dubartoota mul'isan: -oo, -tuu, -ooftuufi –eettii fa'a. Maqibsoonni tokko tokko koorniyaa lamaaniifuu oolu nidanda'u. Fakkeenyaaf, adii…. Adaadii saala lamaaniifuu nigargaara.

**B. Latorsa maqibsaa lakkoofsa mul'isan**

Latorsi Afaan Oromoo keessatti, maqibsa irratti fufamuun danooma niagarsiisu. Latorsoota danooma maqibsa mul'isan kanneen darbee darbee akka fufii gidduutti kanneen fudhatan jiru. Kana ilaalchisee, (Ikraam, 2013 :), yoo ibsitu, 'Fufiin giddee Afaan Oromoo keessatti ammaaf hin mul'anne. Haa ta'uu malee, yeroo hedduu irra deddeebii jechootaa fakkeenyaaf; diddiimaa, dhedheeroofi kkf akka latii gidduutti fudhatama ture. Kun garuu danoomina agarsiisa malee latii homaatuu kan ofirraa hinqabaannedha.' jetti.Haaluma kanaan latorsoonni maqibsoota eeramaan 'dheeraa'fi 'diimaa' irratti fufaman latorsa maqibsaa ta'uu nu hubachiisa.

**C. Latorsa maqibsaa adirraa mul'isan**

Adirraan wantoota walfakkaatan hedduu keessaa adda bahee akka beekamu kan taasisaniidha.

Fkn1. Hima keessatti "namichi dhufe." Jedhu keessaa latiin /-ichi/ jedhu beekumsa agarsiisa. Saala dhiiraas ni mul'isa.

**D. Latorsa maqibsaa matima mul'isan**

Maqibsoonni maalummaa hima tokko keessa jiran caasaa himichaa keessaa matima ibsuuf galan yoo ta'e, matima mulistuu nifufatu.Garuu maqibsiin himicha keessaa caasaa himichaa keessaa jecha akka matimaatti hingalle ibsuuf kan gale yoo ta'e maqibsiin sun matima mulistuu hinfufatu. Gama birootiin caasaa himichaa keessatti maqaan akka maqibsatti galuunkan himicha ibsu yoo ta'e jechi duraan sagalee gabaabaa ture sagaleen isaanii dheerachuun yemmuu galan kanneen biroo garuu akkuma jiranutti galu.

Fakkeenyaaf: Siree**nsibiilaa** ciisichaaf namatti hintolu.

Magaalaa**n Jimmaa** jireenyaaf mijattuudha.

Namn**i dheeraan** daddafee deemuu danda'a.

Himoota armaan olii keessatti jechoonni sibiilaafi Jimma kanneen jedhan maqaalee akka maqibsaatti tajaajilaniidha.Hima lamaanuu keessatti jechoonni sagalee gabaabaan xumuramuunyemmuu tajaajila maqibsii kennan sagalee dheeraa taasifatan jechuudha. Jechi dheeraa jedhu gareen isaa maqibsadha.

## 2.3. Faayidaa Fufiilee Kitaabilee Wabii Keessatti Dhiyeessuun Qabu

Fufiileen kitaabileewabii keessatti dhiyeessuun caasaa guddina barnoota Afaan Oromoof murteessaadha. Nunan, (1989)Jecha tokko qorachuuf akkaataa sagaleen ittiin walitti dhufanii jechoota ijaaran ilaaluun murteessaadha.Latiin hiika jecha tokko murteessuu keessattis ta'ee, jijjiirama hiika jechaa fiduu keessatti faayidaa ol'aanaa waan qabuuf, kitaabilee wabiis ta'ee kanneen barnootaa keessatti dhiyeessuunqaama afaan sana qoratus ta'ee baratuuf hubannoo akkaataa uumamaafi horsiisa jecha afaan sana keessa jiranuu akka adda baafatan taasisa. Keessumaa, latorsa maqibsoonni haala kamiin akka fufataniifi maal irra dhaabbatanii akka fufatan beekuun beektonni afaan sanaa jecha haaraa karaa gara garaatiin tajaajila caaslugaa akka kennu qorachuuf karaa bana.

Seerluga kitaabileewabii keessatti haala kamiin akka dhihaachuu qabu xiinxaluun hayyoonni qorannoo akka irratti gaggeessaniif qaamoleen barnoota keessa jiran yemmuu kitaaba kana wabeeffatan haala hormaatafi garee isaanii akka dubbisanii hubataniif, akkasumas uunkaalee jechicha ijaaran gadi fageenyaan akka beekaniif gargaara. Uunkaalee garee jechaa keessa jiran beekuun immoo waa'ee horteewwan jechootaa akka beekaniif waan gargaaruuf kitaabilee kanneen wabeeffachuufi qorannoo gaggeessuun akkaan barbaachisaadha.

John Atkins, (1995:55) jedhutti, barattoonni sadarkaa kanatti caasaalee caaslugaa kanneen akka henna, ramaddii, uumtee, latorsa, korniyaa, maayii mathimaa, lakkoofsaa fi k.k.f.yoo hubatan dandeettii afaan isaanii haalaan waan gabbifataniif barattootaaf ibsuun barsiisuun gaarummaa qaba jedha. Kun ammoo, kitaaba barnootaa keessatti gadifageenyaan dhihaachuu dhiisuu waan maluuf kitaaba seerlugaa afaan sanaan barraa'ee irraa fudhachuun isaanii hinoolu.

Barreessitoonni kitaabilee wabii walitti fufiinsa qabiyyee akka caasaa sirna barnootaatti, qabiyyeewwan barnootaaf oolan, sadarkaa gadiitii hamma oliitti dhiheessuuf tartiiba dhiheessiifi akkaataa dhiheessii qabiyyichaa daran hubachuunseerluga afaan sanaa dhiheessuun barbaachisaadha. Kun ammoo, qaama wabeeffatuufi waa barreessuuf gahee ol'aanaa waan qabuuf, dhiheessiin isaanii bu'uura saayinsii afaan barnootaa kutaa murta'aa wajjiin walitti dhufeenya qabaachuu qaba.

Qabiyyeen kitaabilee wabii akkuma qabiyyee barnoota afaanii yeroo qindaa'u gochaalee qabiyyeen kunniin ittiin dhiyaatan wajjiin filatamuu qabu. Kanarraa ka'uun haala qabiyyeen itti qindaa'u yemmuu ilaallu oleefi gadee ta'uu danda'a. Tashoomaa, (1998).

1. **Qindoomina Olee(vertical organization)**

Qindoominni olee kutaadhaa gara kutaatti guddachaa kan deemu ta'uu isaa agarsiisa.Kana jechuun akkuma kutaan guddachaa adeemuun qabiyyeenis salphaa gara walxaxaatti guddachaa kan deemuudha.Qindoominni olee dhimmoota ittifufiinsaafi walduraaduuba dhufiinsa kan ilaallatuudha.Walduraaduuba dhufiinsi immoo tokko tokko irratti bu'uureffachuufi guddachaa dhufuu isaa agarsiisa.

2. **Qindoomina dalgee, (horizontal organization)**

Kana jechuun immoo qabiyyeen achuma keessatti bal'ina qabaachuu ykn gosa barnootaa sadarkaa sanatti kennamu waliin walitti dhufeenya qabu kan agarsiisuudha. Haalli qindoomina qabiyyeewwanii kun akkuma kitaaba barnootaatiif ta'u kitaabilee seerlugaa biraa kanneen afaan sanaan barreeffamaniif nibarbaachisa. Kunis, wabeeffattoonni haala kutaa isaanii waan bu'ureeffataniifidha.

### 2.4. Yaaxxina Qorannichaa

Qabiyyeen Serlugaa barnoota Afaanii keessatti baay'ee barbaachisaadha. Akka caasaa Afaaniitti sagalee, dhamsaga, latiilee, jechoota, gaalee, hima hiika ilaallachuu danda'a. Qabiyyeewwan Seerlugaa kunneenis sadarkaa adda addaa keessatti tartiiba isaanii eeganii kitaaba barataafi kitaabilee wabii keessatti dhihaachuu qabu.Kaayyoon barnoota caaslugaa himoota haalaan sirrii ta'an ijaaruu danda'uudha. Nasr, (1972:47), Ur, (1996: 75) yaada kana yoo cuunfan, "Grammar

is some times defined as the way the words are put together to make correct sentences"jedha. Kunis, kan agarsiisu yeroo hedduu hiikni seerlugaaf kennamu kallattii ittiin jechoota walduukaa hiriirsuun hima sirrii itti ijaarru akka ta'e mul'isa. Seerlugni, kitaaba keessatti akka qabiyyeetti yemmuu dhihaatu karaa sadiin dhiyaachuu danda'a. Isaanis

A. Haala dhiheenya adeemsaa

B. Haala dhiyeenya bu'aa

C.Haala dhiyeenya dandeettii

**2.5. Sakattaa qorannoo walfakkaatanii**

Mata dureelee qorannoo kanaan walitti dhiheenya qaban qorataan sakatta'amanii qorannoo kanaan walmaddii qabamanii ilaalamanii jiru. Isaanis: Bultii Baqqalaa (2009), mata duree "Qaaccessa haala dhiyaannaa dhamjechoota maqaafi gochima: kitaabilee Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$" jedhu irratti adeemsisee jira. Qorannoon Bultii kitaaba barnootaa irratti kan dhihaateedha. Qorannoon kun ammoo, kitaabilee wabii irratti kan adeemsifamu yoo ta'u, walitti dhufeenyi qorannoo kanneenii haala dhiheenyaa ta'uu isaaniitiin ala mata dureeniifi qorannoon koo ammoo, kitaabilee wabii Afaan Oromoo ta'uun garaa garummaa keenyadha.

Qorannoon biraa sakatta'ame: Abboomaa Nagaasaa (2015) qorannoo 'xiinxala dhihaannaa jechoota kitaabaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 12' jedhuu kan gaggeesse yemmuu ta'u Abboomaanis, dhihaannaa caaslugaa ta'uu isaatiin ala kitaaba barnootaa irratti waan ta'eef, qorannoon koo ammoo, kitaaba seerlugaa wabii irratti waan ta'eef, hariiroo kallattii qorannoo kana wajjiin kan hinqabnedha. Dabalataanis, Temesgen, (1993) "Haala hormaata jechootaafi uumama jechoota Afaan Oromoo" irratti kan adeemsifamedha. Tamesgen haala horsiisa jechootaa ilaale malee maqibsa kanneen horsiisaniifi kitaabilee wabii keessatti dhiheessa isaanii hinilaalle. Kanaafuu, qorannoon isaa mata duree kanaan addadha.Kan biroo ammoo, Ijaaraa (1990) "Haala dhiyeessa xinlatii Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti" jedhuun immoo, turan. Kaayyoon qorattoota kanneenii akka waliigalatti yoo ilaalamu xiinxala ijaarsa jechoota Afaan Oromoo adda addaarratti kan xiyyeeffateedha.

Qorannooleen armaan olitti sakatta'aman kunniin kitaabilee barnootaafi kitaabaan alas kanneen seeruma afaanii irratti kanneen raawwataman yemmuu ta'u, qorannoon kun ammoo, haala dhihaannaa caaslugaa keessayyuu latorsa maqibsatti fufaman kitaabilee wabii keessatti akkamitti akka dhiheessan qaaccessuu irratti kan adeemsifamuudha.

Qorannoowwan armaan olii keessatti dhimmoonni xiyyeeffannan ka'an; qophii meeshaalee barnootaa maal ta'uu akka qabu; ga'umsa kitaabilee barnootaa hangam akka barbaachisuufi xiyyeeffannoon gama kamitti kennamuu akka qabu ifatti mul'isanii jiru. Akkasumas, meeshaalee barnootaa madaalanii fooyyeessuu barbaachisa akka ta'e kan ibsanidha. Qorannooleen kanneen hariiroo kallattii mata duree kana waliin qabaachuu baataniyyuu kaayyoon hunda keenyayyuu qorannoo afaaniifi caasluga irratti waan xiyyeeffataniif akka barruu walfakkiitti fadhatamaniiru. Qorannoon kana keessatti ammoo, qaaccessa kitaabilee wabii Afaan Oromoo keessatti haalli dhihaannaa qabiyyee latorsa maqibsaa itti dhihaatan qaacceffamee jira.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Addunyaan, (2011:63) Cohen, Manionfi Morrison, (2006: 73) wabeeffachuun waa'ee saxaxa qorannoo yeroo ibsu," research design is governed by notion of fitness for purpose. The purpose of the research determined the methodology and design of the research", jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu, saxaxni qorannoo galma ga'insa qorannoo tokkoof iddoo guddaa qabaachuu isaa agarsiisa. Kunis, gaafilee qorannoo bu'uuraa deebisuuf yookaan kaayyoo qorannoo galmaan geessisuuf kan gargaarudha.

Kaayyoo kana galmaan gahuufis qorannoon kun malleen qorannoon tokko itti gargaaramuu qabu fayyadamuun adeemsifamee jira. Kanaafuu, saxaxni qorannoo kanaa saxaxa ibsaa yoo ta'u; Sababiin isaas qorannoo kana keessatti odeeffannoon walitti qabaman lakkoofsaan osoo hintaane mala addeessaatiin hiika argatanii jiru.  Qorataan mala kana kan filateef, malli kun ragaa gadi fageenyaan xiinxaluun gama amansiisuufi hubannoo bal'isuufis haala kan mijeessuufi gaafii "akkamitti" jedhuuf deebii kennuun dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan jechaan kan ibsuudha.

## 3.2. Akaakuu Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuuf mata duree ofii irra dhaabatanii akaakuu qorannoo gaggeessinuu beekuun barbaachisaadha. Qorataan qorannoo kanaatis, mala qorannoo akkamtaatti dhimma kan bahedha. Kanaafuu, akaakuun qorannoo kanaa qorannoo akkamtaati (qualitative research)dha. Kana ilaalchisee, Addunyaan (2011: 10-12) akkas, "Qorannoon akkamtaa ragaalee lakkoofsaan hin kaa'amne kan walitti qabuufi dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan jechaan ibsuuf kan gargaarudha"jedha.Yaada kana irraa ka'uun qorataan qorannoo kanaa, mala kana gargaaramuunqorannich galmaan gahee jira. Walumaagalatti, sababni qorataan mala qorannoo akkamtaatti dhimma baheef, qorannoo isaa kallattiidhaan odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa ta'e funaannatee dhugummaa qorannoo isaa kan mirkaneesseedha.

### 3.3. Madda Ragaa Qorannichaa

Qorannoo geggeessuu keessatti madda odeeffannoo keenyaa gama lamaan argachuu dandenya. Isaanis, madda odeeffannoo jalqabaafi madda ragaa lammaffaati. Qorataan qorannoo isaa geggeessuuf madda ragaa tokkooffaatti dhimma bahee jira. kana ilaalchisee, Addunyaan, (2011) akka ibsutti, “Madda ragaa tokkoffaa qorataan tokko qaama dhimmi isaa ilaallatu bira dhaquun qorannoo isaa kan geggeessudha.”jedha. Kana jechuun, odeeffannoo qorannoo sanaaf ta’u fuulaa fuulatti ragaa barbaadame sun kan argamuudha. Qorannoo kana geggeessuuf maddi ragaa qorataan itti dhimma itti bahe, madda ragaa tokkoffaa kan ta’e sakatta’aa dokumantiiti. Kana jechuun kitaabilee seerlugaa wabii filataman keessaa odeeffannoon kan walitti qabaman jechaadha.

### 3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Iddattoon qoraannoo kanaa kitaabilee wabii seerluga Afaan Oromoo kanneen yeroo dhiheenyatti bahan keessumaa, Natoo, Semmoofi Furtuu fa’a yoo ta’an, tooftaa iddatteessuu miti carraatiin kan filatamaniidha. Sababni qorataan miti-carraadhaan filateefis, haala dhihaannaa latorsa maqibsaa achi keessa jiru dubbisee waan argeefidha. Kanaafuu, malli iddattoo filachuu qorannoo kana galmaan geessisuuf filatame mala akka kaayyoo (kaayyeffataa)dha. Kunis, kaayyoo qorannoo kanaa dhugoomsuuf hojiirra kan ooleedha.

### 3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Milka’ina qorannoo tokkoof, qorataan mala odeeffannoo ittiin funaanamu beekuun barbaachisaadha. Milkaa’ina qorannoo kanaatiif, qorataan tooftaa sakatta’a dokumantiitti dhimma bahuun odeeffannoo qorannichaaf ta’u walitti qabatee jira. Kanas, cheeklistii ittiin ragaa kitaabilee kanneen keessaa ittiin funaanu qopheessuun odeeffannoowwan qorannoo isaa adeemsisisuuf isa gargaaran funaannatee jira.

### 3.6. Mala Qaacceessa Ragaa

Akkuma armaan olitti ibsame qorannoon kun qorannoo akkamtaati. Odeeffannoon qorannoo akkamtaa ammoo, mala ibsaatiin/ addeessaatiin akka dhihaatu beekamaadha. Qorannoo kana keessatti ragaaleen madda ragaa irraa funaanaman kan ittiin qaacceffaman mala addeessaati. Kanaafuu, ragaaleen madda ragaa irraa walitti qabaman bifa ibsaatiin yookiin addeessaatiin

qaacceffamanii jiru. Kana jechuun, qorataan odeeffannowwan madda ragaa irraa argate mala addeessaa fayyadamuun bifa ibsaatiin qaaccesseera. Ragaawwan qorannoo bifa ibsaatiin erga xiinxalamanii booda mala dhihaannaa akkamtaatiin qaacceffamanii jiru. Walumaagalatti, ragaaleen kunneen kitaabilee kanneen hunda irraa erga walitti qabamanii jechaan ibsamuun bu'aan qaaccessa kitaabilee kanneenii ammoo tokko tokkoon isaanii jalatti xiinxalamanii jiru.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE

## 4.1. Seensa

Odeeffannoo kanaaf oolu funaannachuuf malli qorannoo akkamataatti dhimma itti bahamee jira. Qorannicha galmaan gahuuf meeshaalee funaansa ragaa sakatta'a barruutti gargaaramuun oddeeffannoon walitti qabame asjalatti xiinxalamaee jira. Qaacceessa oddeeffannoo kitaabilee kanneenii tokko tokkoo kitaabota kanaatiin erga xiinxalamee booda jechaan ibsi itti laatamee jira. Boqonnaa kana jalattis mata dureewwan qaacceessa kitaabilee wabii kanaatiif laatamuun tokko tokkoo jaraa jalatti haalli isaan latorsa maqibsaa itti dhiheessan gadi fageenyaan xiinxalamee jira. Kanas haala kanaa gadiitiin lafa kaa'amee jira.

### 4.1.1. Qaaccessa Latoorsa Maq ibsa Afaan Oromoo Kitaabailee Filataman Keessatti.

### A. Ibsa maalummaa Latoorsa maqibsaa

Maalummaa maqibsaa ilaalchisee Addunyaan garee jechaa keessaa tokko kan ta'eefi innis gareewwaan banamaa kanneen jennuun akka ta'e eera. Gareewwan banamaa kanneen jedhaman isaan latiilee latorsaafi yaasaa fufachuu danda'an jechuun maqibsa akka garee jechoota keessaa warreen bu'uura ta'e ibsa. Haaluma kanaan kitaaba kana keessatti maqibsi akka qaama odeeffannoo dabalataa waa'ee maqaafi bamaqaa kennu ta'ee, kanneen ibsa dabalataa kennan hundi maqibsa akka hinjedhamnes Addunyaa, (2012). Karaa biraatiin, maqaaleen garee isaaniitiin ala akka maqibsaatti tajaajilan jiraachuu isaanii eeruun faayidaa seerlugaatiif gareen jechaa tokko akka bakka garee biroo galuun tajaajilu addeesseera.

Haala kaayyoo qorannoo kanaatiin maqibsoonni eenyu faa akka ta'aniifi latorsoota isaan fufatan bifa kitaabni 'Natoo' itti dhiheesse xiinxaluufi maal ta'uu akka qabu lafa kaa'uun xiinxalli barbaachisaadha.

'Maqibsoonni bu'uuraa durumaanuu Afaan Oromoo keessa, uunkaanis ta'ee tajaajilaan dhaaba kan qabaniidha.'(Addunyaa, 2012: 129). Hafee kana irraa kan hubatamu, jechoonni tajaajila maqibsaa kennan bu'uurumaan afaan kana keessa akka jiran agarsiisa. Kanaafuu, ibsa maalummaa maqibsaa irratti kitaabni kun hamma tokko fooyyee kan qabuufi iddoon gareewwan jechootaa itti dhiheesseefi tartiibni dhihaannaa isaanii seera caasaa afaanii kan eeggatedha. Haata'uu malee, gareewwan jechootaa dhiheessuu isaatiin dura sadarkaan latiifi jechi itti

walqixxaatu waan jiruuf haaluma tartiibota qo’annoo afaaniitiin xiinlatii/morphology ykn xiinjecha teessissuun gareewwan kana achi jalatti ilaaluun kutaalee garee kanneen irratti fufaman agarsiisuufi tajaajila isaanii addeessuu irratti qaawa kan qabuudha.

Kitaabni Semmoo, maqibsoota addeessuun mata duree kana yoo eegalu, “Maqibsoonni garee jechoota keessaa tokko ta’ee, Afaan Oromoo keessatti maqaa booda dhufuun amala, bifa, hangaafi wkf kan nutti himuudha.” Hafee kana irraa kan hubatamu ibsa maqibsaaf kennamedha. Kunis, tajaajila amala wantootaa, bifa isaaniifi hammamtaa akka ibsudha. Maqibsummaa isaa mirkaneeffachuuf latiilee yaasaa fufachuuniifi jalqabuma gareen isaa maqibsa ta’uu lafa ka’a.

Fkn. a. abshaalota

b.gowwoota

c. diddiimoo

d. gugurraa (Addunyaa, 2018:57).

Jechoota (a)fi (b) irra jiran latorsa fufachuun kan danooma akka ta’anitti ibsame. Kanneen (c)fi (d) irra jiranis, haaluma kanaan danooma maqibsaa akka agarsiisan ibsuun digrii gochimootaa fakkaatee akka dubbistoota harkaa walhindhoofne akeeka laate. Kanaafuu, kitaabni Semmoo ibsa latorsaa irratti gaarummaa qaba. Dabalataanis, daangaa kutaa himaa keessatti maqibsoonni qaban ibsuun matimaafi antima keessatti mul’achuu danda’a jedha. Waalumaa galatti haala dhiheessa maalummaa latorsa maqibsa kitaaba Semmoo bifa kanaa oliitiin xiinxalamee jira.

Kitaabni Furtuu ammoo, jechoota afaan tokkoo kumaatamaan lakkaa’aman kun gareewwan muraasa jalatti walitti qabamu. Kunis, bu’uura saayinsii afaanotaa bu’ureeffateeti. Kitaaba Furtuu keessatti gareen jechootaa bakka shanitti qoodamee jira. Kana keessaa maqisi tokkodha.Iddoon dhihaannaa qabiyyee kanaa sirrummaa hinqabu. Sababni isaa, gareen jechaa kutaa jechaa jalatti dhihaachuu osoo qabuu hima booda dhiheessuun kutaa himaa ol jiru akka ta’eetti dubbistoonni taasisuun dubbisaa burjaajessuu mala. Kanaafuu sirrummaa qabiyyee dhiheessinee qofa osoo hintaane bakka itti dhiheessinus gadi fageenyaan ilaaluu qabna. Haalli kun ammoo, Furtuu keessatti hin mul’atu. Kun ammoo qabiyyechi hammam xiyyeeffatame? gaafii jedhu akka ofgaafannu nu taasisa. Xiinxala maalummaa latoorsa maqibsaa kitaabilee

Natoo, Semmoofi Furtuu haala isaan itti qabiyyee kana dhiheessan bifa kanaa olitiin kaa'amuuf yaalamee jira. Kitaabonni kunniin qabiyyee kana dhiheessuu irratti akkuma mata duree isaanii jalatti ibsamuuf yaalametti adda addummaa qabaachuun isaanii hubatamee jira.

**B. Latorsa Maqibsaa Tajaajila Saala Agarsiisan**

Maqibsi saala maleeyyiin hundi saala dhiiraa yookiin dubartootaa jalatti ramadamu. Latoowwan maqibsa irratti maxxananii saala dhiiraa mul'san: -aa, -aawaa, -acha, fi -eessa akka ta'an sakatta'a boqonnaa lammaffaa jalatti ibsamee jira. Kanneen saala dubartoota mul'isan: -oo, -tuu, -ooftuufi -eettii fa'a yoo ta'an, maqibsoonni tokko tokko koorniyaa lamaaniifuu oolu nidanda'u. Fakkeenyaaf, adii…. Adaadii saala lamaaniifuu nigargaara.

Tajaajila mqaibsoonni gama saala agarsiisuutiin kitaaba Natoo keessatti bal'inaan kan hindhihaannedha. Haata'uu malee, jechoota tajaajila maqibsaa kennan heddu kanneen yaasaafi hortee ta'an addeessuun saala agarsiistuu keessatti eeree jira. "Fakkeenyaaf, {-aa} diimaafi {-ttii},n gurraattii irraa saala agarsiisuu danda'u." (Addunyaa, 2012:129).

Hafeen armaan olii kan agarsiisu murteessitoonni {-aa} fi {-ttii} jechoota diimaafi gurraacha jedhanitti fufamuun tajaajila latorsa saala mul'istuu walduraa duubaan kan kennaniidha. Kana keessatti, jechoota walfakkaataa fayyadamuun saala akkamitti akka agarsiisan osoo taasifamee daran filatamaadha. Kana jechuun, maqibsotoota kanneen keessaa saala kam kan agarsiisutu jechicha akkuma jirutti teessisaafi isa kamtu fufii biraa akka dabalatu adda baasuun gaarii waan ta'uufidha. Dhiheessi kitaaba kanaa qabiyyee latorsa maqibsaa saala mul'isan jedhu fakkeenya lamman kana malee hindhiheessine. Ibsa dabalataa kennuufi fakkeenyota gara garaa fudhachuun osoo dhihaatee dubbisaa hawwachuu danda'a. Kun ammoo, hamma humna dubbisaa keenyaatii gadi ta'uu waan maluuf xiyyeeffaannoon qabiyyee dhihaatuuf kennamu laafaa akka ta'e agarsiisa.

Maqibsoonni latoorsa fufachuun tajaajila adda addaa kennuu akka danda'an boqonnaa lammaffaa jalatti eeramee jira. Haaluma kanaan kitaabni 'Semmoo' latorsa maibsaa tajaajila isaan kennan ibsa maibsaa jalatti danooma maqaa latii {-ota}fi bifa irra deddeebiitiin danooma qofa eere. Kanaafuu, mata duree kan ibsuu irraa ofqusateera. Kun ammoo, qaawa dhiheessa qabiyyee latorsa maqibsaa irratti jiru bal'aa ta'uu agarsiisa. Barreessaan kun, qabiyyee qabate

irratti xiyyeeffannoo kennuu yoo dhiisu agarra. Haa ta'uu malee, gama Afaan Oromootiin kitaabileen seerlugaa baay'inaan waan hinmul'anneef jajjabeeffamuu kan qabu yoo ta'eyyuu hir'ina jiru eeruun guddina afaanichaatiif barbaachisaadha.

Dabalataanis, maqibsi saala maleeyyiin hundi saala dhiiraa yookiin dubartootaa jalatti ramadamu. Latoowwan maqibsa irratti maxxananii saala dhiiraa mul'san: -aa, -aawaa, -acha, fi -eessa. Kanneen saala dubartoota mul'isan: -oo, -tuu, -ooftuufi –eettii fa'a. Maqibsoonni tokko tokko koorniyaa lamaaniifuu oolu nidanda'u. Afaan Oromoo keessatti maqibsoonni saala dubartii mul'isan dhamjechoota akka (-oo), fi kan dhiira agarsiisan ammoo, dhamsagoota (-aa) nifufatu. Kitaaba Furtuu keessatti akaakuu maqibsaa yemmuu ibsu, latorsa maqibsaa bifa himaatiin "Saawwan Booranaa gurguddoodha." (Geetachoo, 2011:101) jechuun isa kaa'ameen ala ibsi biraa hinmul'atu. Hima kana keessattis, Haala dhihaannaa kana irra dhaabachuun latorsoonni maqibsaa tajaajila gara garaa qaban kunniin barreessitoota biratti waan xiyyeeffannoo argatan hinfakkaatu jechuu dandeenya. Guddina Afaan Oromootiif, qo'atamuun seerlugaa tajaajila guyyuu keessatti gahee qabaachuu irra darbee qo'annoowwan adda addaa adeemsisuufi tarree afaanota xiinqooqni isaanii dagaagee hiriiruuf qooda ol'aanaa qabaachuun isaa beekamaadha. Haata'uu malee, barreessaan kun qabiyyee seerlugaa kan ta'e, latorsoota maqibsaa ibsuu dhiisuun tajaajila gareen jechaa qabu hubachuu dhiisuu akka ta'ette fudhachuun nidanda'ama.

### C. Haala dhiheessa Latorsa maqibsaa lakkoofsa mul'isan

Latorsi Afaan Oromoo keessatti, maqibsa irratti fufamuun danooma ni agarsiisu. Mata duree kana jalatti kitaabni Natoo waa tokko osoo hinjedhin kan dabarfatedha. Haata'u malee, maqibsoonni yeroo hedduu irra deddeebiidhaan akka waan fufii gidduu qabaatan fakkaatanii danoomina mul'isuu danda'uu isaanii sakatta'a qorannoo kanaa jalatti dhihaatee jira.

Latorsi Afaan Oromoo keessatti, maqibsa irratti fufamuun danooma ni agarsiisu. Haaluma kanaan kitaaba semmoo mata duree maalummaa maqibsaa jalatti jechoota dheeraa'fi 'diimaa' irratti fufaman latorsa maqibsaa ta'uu nuhubachiisa. Maqibsoonni bu'uuraa haala kanaan danooman kanneen eeraman kana yoo ta'an kitaaba kana keessatti ibsa maqibsaa isa jalqabaa keessatti qofa eerame malee ibsa gahaan hinlaatamaneef.

Latorsa addeessuu irratti Furtuun qaawa guddaa qaba. Keessumaa: lakkoofsa kanneen agarsiisa ciruma eeruun hinlaatamne.  Barreessaan kun qabiyyee kana gara fuula duratti dheessuu akka barbaadu wanti eerame hinjiru. Kun ammoo, qabiyyee kana irratti hanqinni bal'aan akka jiruufi inni dhihaates akaakuu maqibsootaa jalatti bifa himaatiin waan dhihaateef jecha maqibsa ta'e hubachuunuu hindanda'amu. Himoota dhiheesse kana keessatti maqibsa gurraachessuu ykn shafaxa teessisun ibsuu qaba.

Kitaabileen armaan olitti mata duree latoorsota lakkoofsa agarsiisan dhiheessuu irratti hunduu hanqina bal'aa akka qaban xiinxalamee jira. Keessumaa kitaabni furtuu callisaan dabarfachuun qabiyyee kanaaf bakki laatame laafaa akka ta'e agarsiisa.

**D. Haala dhiheessa Latorsa maqibsaa adirraa mul'isan**

Kitaabni Natoo latoorsi maqibsaa bal'inaan akka hindhihaanne mul'atee jira. Haaluma kanaan, kitaabicha keessatti mata dureen kun osoo hintuqamin dabarfatamee jira. Akkasumas, Semmoon qabiyyee maqibsaa keessatti, waa'een adiirraa yookiin beekumsaa hinibsamne. Barreessaan kun qabiyyee dhihaasse xiyyeeffannoo kennuu yoo dhiisu nimul'ata. Dabalataanis, Furtuun Latoorsonni beekumsa agarsiisan tasuma hinteessifamne. Jalqaba irratti Furtuun xiyyeeffannoo latoorsota maqibsaatiif bakka dhiheessa isaa irraa eegalee qaawa akka qabu eeramee jira. Kanaafuu, waan qabatee dubbistootatti asbahe dhiheessuu dhiisuun hanqina guddaa kitaa kanaati. Xiinxala kanarraa ka'uun adirraa ibsuufi kitaabileen hunduu ofqusachuusaanii hubatamee jira.

**E. Haala dhiheessa Latorsa maqibsaa matima mul'isan**

Latorsoonni bifa kanaa yemmuu maqaa irratti maxxanuun maqaa sana tajaajila ibsa maqaa akka kennu taasisaniidha. Kana keessatti maqichi faayidaa ibsa maqaa kennuuf latorsa sana gargaarame jechuudha. Garee jechichaa waan hinjijjiiriniif yaasaa jechuunii hindandeenyu jechuudha. Haalli kun ammoo, maqaaleen lama walduukaa hiriiruun inni lammaffaa irratti dhufe dhamsaga {-n} fufachuun tajaajila maqibsaa yoo kennudha. Kanas, Zeeytunaa (2012), qorannoo ishiitiin eertee jirti. Haata'uu malee, Kitaabni Natoo ykn Addunyaa (2012:129), maqibsoonni kanneen bu'uuraa, maqibsa yaasaa, maqaa akka maqibsatti tajaajilaniifi maqibsa diigalaa akka jiran eeruun ala latorsa maqichaa akka maqibsatti tajaajile irratti fufamtuu waan addeesse

hinqabu. Latorsoonni maqibsa mul'isan dhamsaga (-n) fufachuun maqaalee akka maqibsatti tajaajilan duukaa nidhufu. Kitaabni Semmoo dhiheessa kana keessatti hinaddeessine.

### 4.1.2. Sirrummaafi Guutummaa Latorsa Maqibsaa Kitaabilee Filatamanii

Xiinxalli armaan olitti adeemsifame kitaaba seerluga Afaan Oromoo Natoo, Semmoofi Furtuu jedhaman irrattidha. Kitaabonni kunniin gama seerluga Afaan Oromootiin jiru keessatti qaamolee gahee qaban yemmuu ta'an, qabiyyee walfakkaataa akka isaan itti dhieessan xiinxalamee jira. Adda addummaan gidduu isaanii jiraachuufi mata duricha haala gara garaatiin ibsuuf yaalanii jiru. Kitaaba lamman jalqabaa barreessaa tokkoon waan barreeffamaniif hanqina isa jalqabaa (Natoo) keessatti mul'ate gama mata duree qorannoo kanaatiin fooyyeffachuuf yaaliin jiru laafaadha.Furtuun ammoo mata duree kana bal'inaan dhiheessuufi qabatama taasisuu irraayis ofqusata. Haata'uu malee, kitaabileen kun hanqina mataa isaanii mata duree kanaan walqabatu qabaataniyyuu, sirrummaa qabiyyee hinqaban jechuu hindandeenyu. Ta'us guutummaa qabiyyee qabatanii dubbistootatti dhiheessanii irratti hanqina bal'aa qabaachuun isaanii hubatamee jira.

### 4.1.3. Hanqinaafi cimina kitaabilee filtamanii

**Hanqina Gama "Natoo" tiin**

- Mata duricha dhiheessuun gaarii ta'us, ibsa bal'aa kennuu dhiisuu isaa.
- Latorsa maqibsaa ilaalchisee, haalli jiru laafaa ta'uu.
- Jechoota tajaajila maqibsaa kennaan akka maqibsatti fudhachuu
- Murteessitoota saala agarsiisan maqibsa taasisuu
- Latiilee latorsa maqibsaa agarsiisan waa tokko osoo hin jedhin bira darbuu isaa
- Latorsa lakkoofsa agarsiisan waa tokko osoo hinkaasin bira darbuu isaa.
- Maqibsoota dhiheessuun gaarii ta'us, haala horsiisa isaa wanni teessifame dhibuu isaa.
- Mata duree qabatee dhihaateef xiyyeeffannoo laachuu dhiisuu isaa.
- Maqisoota kanneen biroo akka jiran eeruu laachuun ala ibsa isaaniitti bu'uu dhiisuu
- Tajaajila gama maqibsaatiin latorsoonni qaban adda waan baafate hinfakkaatu.
- Wantoota dubbisee hinhubatin gara fuulduratti akka itti deebi'uuf dubbisaa isaa abdachiisuun fuulcha kennuu dhabuu isaa

**Hanqina Gama “Semmoo”tiin**

- Bakki dhihaannaa mata duree sirrummaa qabaatus, ibsa latorsaa bal’aa kennuu dhiisuu isaa.
- Latorsa maqibsaa ilaalchisee, haalli jiru laafaa ta’uu.
- Adirraa tasuma teessisuu dhiisuu
- Latorsa lakkoofsa agarsiisan waa tokko osoo hinkaasin bira darbuu isaa.
- Waa’ee horsiisa maqibsaa wanni teessifame dhibuu isaa.
- Mata duree qabatee dhihaateef, xiyyeeffannoo laachuu dhiisuu isaa.
- Tajaajila gama maqibsaatiin latorsoonni qaban adda waan baafate hinfakkaatu.

**Hanqina Gama “Furtuu” tiin**

- Bakki dhihaannaa qabiyyee tartiiba seeraa afaanii kanhineegne ta’uusaa.
- Qabiyyee latoorsa maqibsaan walqabatan addeessuu irraa ofqusachuu isaa
- Adirraa tasuma waa’ee isaa kaasuu dhiisuu.
- Latoorsa lakkoofsa agarsiisan waa tokko osoo hinkaasin bira darbuu isaa.
- Waa’ee horsiisa maqibsaa wanni teessifame dhibuu isaa.
- Mata duree qabatee dhihaateef, xiyyeeffannoo laachuu dhiisuu isaa.
- Maqibsas ta’ee latorsa isaa yaada hayyootaatiin deeggaruu dhiisuusaa. Kun ammoo, yaada ofii qofaan guutuun dhugummaafi bu’uura saayinsaawaa irraa nama fageessa.

**Cimina gama “Natoo “tiin**

- Bakki mata dureen itti dhihaate tartiiba seera afaanii kan eege ta’uu isaa.
- Ibsa maalummaa maqibsaa irratti gaarummaa qaba.
- Afaan Oromoo gama seerlugaatiin kitaabilee muraasa waan qabuuf, seerluga bu’ureeffachuu barreessaa.
- Maqibsoota garee jechaa kanneen biroo wajjiin hiriirsuu.

**Cimina Gama “Semmoo” tiin**

- Bakki dhihaannaa qabiyyee gaarii ta’uusaa.
- Maqibsoota garee jechaatti qooduufi ibsa maalummaa maqibsaa irratti fooyyee qabaachuu.

**Cimina Gama "Furtuu" tiin**

- Afaan Oromoo gama seerlugaatiin kitaabilee muraasa waan qabuuf, seerluga bu'ureeffachuu barreessaa.
- Maqibsoota garee jechaa kanneen biroo wajjiin hiriirsuu.
- Ibsa maalummaa maqibsaa irratti gaarummaa qaba.

Qorannoon kun xiinxala kitaabilee seerluga Afaan Oromoo Natoo, Semmoofi Furtuu irratti kan adeemsifameedha. Gama dhihaannaa qabiyyee kanaatiin hanqinni dhiheessii jiraachuufi mata duree walfakkaataa bifa adda addaatiin yoo lafa kaa'an agarra. Darbee darbee maqibsoota hima wajjiin dhiheessuun dubbisaan/tuun maqibsichafi latorsa isaa akka hubachuuf rakkatan nimul'ata. Haalli kun ammoo kitaabilee kana keessaa Furtuu keessatti bal'inaan mul'ata. Sirrummaa qabiyyee hamma tokko qabaataniiyyuu, guutuu taasisuun wantoota latorsa maqibsaatiin walqabatan ragaadhaan deeggaruun dhiheessuu irratti laafinni jira. Kun ammoo, xiyyeeffannoo seerluga Afaan Oromootiif laatamu gadi buusuu waan maluuf kitaabilee seerlugaatiif xiyyeeffannoo laachuun barbaachisaadha.

# BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA

Boqonnaan kana jalatti mata dureeleen dhihaatan goolaba qorannoo, argannoo qorannichaafi yaada furmaataa yoo ta'an, isaanis, walduraa duubaan haala kanaa gadiitiin dhihaatanii jiru.

## 5.1. Goolaba

Qorannoon kun xiinxala dhihaannaa qabiyyee latorsa maqibsaa kitaabilee wabii Afaan Oromoo seerlugaa yeroo dhihoo irratti xiyyeeffatamuun kanneen barreeffaman: "Natoo", "Semmoo"fi "Furtuu" irratti gaggeeffamee jira. Kaayyoon isaas: qabiyyeen maqibsa latorsaa kitaabilee kanneen keessatti haala kamiin akka dhiyaatan, xiyyeeffanoo haala dhihaannaa kitaabota kaneenii fi haala kamiin akka dhihaachuu qabu xiinxaluun furmaata kennuudha.Yeroo ammaa kitaabileen seerlugaa maxxanfamaa jiru. Haata'uu malee, akkaataa isaan qabiyyee itti dhiheessaniifi akkam akka ta'uu malu xiinxalli jiru laafaa akka ta'e boqonnaa sakatta'aa jalatti ibsamee jira.

Kitaabileen seerlugaa qaama dhuunfaatiin yoo barreeffamaniyyuu bu'uura saayinsii afaanii qabaachuutu irraa eegama. Dandeettiwwana afaanii kanneen gurguddoofi xixinnoo ta'an kitaabilee wabii keessatti qaamoleen itti fayyadaman/wabeeffatan kamuu akka argataniif dhihaannaa qajeelaafi tartiiba seera afaanii eeguun dirqamadha. Gartuu dandeettiiwwan afaanii isaan xixiqqoo keessaa immoo caaslugni isa tokkoofi qaamni caaslugaa immoo hedduu akka ta'an beekamaadha. Qabiyyeen maibsaafi latorsa isaa ammoo, caasaa afaanii keessaa tokko kan ta'ee, kitaabilee wabii keessatti akkaataa dhiyaachuu qabuun akka dhiyaatu taasisuu keessatti meeshaa guddaa kan ta'eefi gahee olaanaa kan qabu qaamolee kitaaba seerlugaa barreessan akka ta'e hubachuun barbaachisaadha.

Haaluma kaayyoo qorannoo kanaa bu'ureeffachuun barreessitoonni kitaabilee qorannoo kanaan filataman kanneen haala kamiin akka dhiheessan xiinxaluuf maddi ragaa odeeffannoon irraa walitti qabame madda ragaa sadarkaa tokkoffaa yemmuu ta'u, meeshaaleen funaansa ragaa ammoo, tooftaa akkayyootiin sakatta'a dukumantiitti dhimma bahamee jira. Odeeffannoon madda ragaa irraa walitti qabame mala ibsaatiin hiikni itti laatamee jira. Ibsi qabiyyee kanaaf kenname ammoo, tokko tokkoo mata dureewwan kitaabaa kanneenii jalatti wantoota dhihaachuu qaban bu'ureeffachuun maaltu dhihaate, maaltu hafeefi maal ta'uu akka qabu gadi fageenyaan

xiinxalamanii jiru. Walumaa galatti qorataan qorannoo kanaa kaayyoo qorannichaa galmaan gahuun qaawa gama dhihaannaa qabiyyee latorsa maqibsaatiin barreessitoota kitaaba seerluga Afaan Oromoo filataman biratti mul'atu eeruu laatee jira.

## 5.2. Argannoo

Qorannoon kun haaluma gaafii qorannoo bu'ureeffachuun dhihaannaan qabiyyee latorsa maqibsaa kitaabilee wabii "Natoo", "Semmoo"fi "Furtuu" kanneenii maal akka fakkaatu lafa kaa'ee jira. Kunis, qaawa gama dhihaannaatiin jiru, sirrummaafi guutummaa dhiheessa qabiyyee kanaa, akkasuma haalli ibsa kitaabilee kanneenii maal akka fakkaatan bu'uura ka'umsa qorannootiin xiinxalamee jira. Egaa xiinxala dhihaannaa qabiyyee kanaa keessatti qaawa kitaabilee kanneenii bifa kanaa gadiitiin kaa'amee jira.

- Dhihaannaan qabiyyee latorsa maqibsaa kitaabilee wabii "Natoo", "Semmoofi "Furtuu" keessatti dhihaate hanqina kan qabuufi xiyyeeffannoon kan hinkennamneedha.
- Ibsa maalummaa maqibsaa irratti barreessitoonni hundinuu fooyyee yoo qabaataniyyuu, latorsa maqibsaa ibsuufi fakkeenyaan mul'isuu irraa kan of qusataniidha
- Latoorsa saala agarsiisan kitaabni Semmoofi Furtuu tasuma mata durichaa kaasuu dhiisuu. Natoonis, ibsuma maqibsaa keesatti kaase malee addatti wanti ibsame hin jiru.
- Qabiyyee kana hubachuu irratti qaawni ni jira. Kana jechuun, latorsoonni garee jechaa kana wajjiin hidhata qabaachuun tajaajila qaban waan hinhubatamne fakkaata.
- Latoorsa adirraa agarsiisan ibsuu irratti Semmoofi Furtuun hanqina bal'aa qabaachuun isaanii hubatamee jira.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Kitaabilee wabii filatamuun qorannoon irratti deemsifame, ‘Natoo’, ‘Semmoofi ‘Furtuudha.’ dhihaannaan qabiyyee latorsa maqibsaa irratti sakatta’a taasifameen haalli dhiyaannaa qabiyyee kanaa hanqina qabaachuun isaanii argannoo qorannoo kanaa keessatti ibsameeree jira. Kana irratti hundaa’uun hanqinoota gama kanaan mul’ataniif yaanni furmaataa haala armaan gadiitiin dhiyaatee jira.

- ✓ Barreessitoonni kitaaba seerlugaa qopheessan qabiyyee latoorsa maqibsaatiif xiyyeeffannoo kennuufi wanti isaan hinhubanne yoo jiraate fulduratti qabatanii akka dhufan dubbistoota isaanii abdachiisuun maxxansa itti aanu keessatti fooyyessanii akka dhufan eeruu laachuu qabu.
- ✓ Latoorsonni maqibsa Afaan Oromoo garee jechoota adda addaa irratti fufamuun tajaajila gara garaa waan kennaniif, kitaabilee seerlugaa qophaa’an keessatti akka qabiyyee tokkootti ofdanda’anii maalummaa garee jecha wajjiin hiriirianii, tajaajila isaan kennaniifi bu’aa achi irraa argamu akka qabiyyee afaanii kanneen birootti bal’inaan xiyyeeffatamee dhihaachuu qabu.
- ✓ Bakka dhihaannaa qabiyyee latorsa maqibsaa irratti haalli dhihaannaa saayinsii afaanota addunyaa osoo bu’ureeffatanii gaariidha.
- ✓ Gulaaltonni kitaaba kanneenii ija ogeessaatiin ilaaluun tarkaanfii guddina Afaan Oromoo gama seerlugaatiin qabu guddisuuf yaadanii qabiyyee achi keessatti dhihaatu hunduma bu’ureeaffachuun osoo gulaalanii filatamaadha.
- ✓ Kitaabni yemmuu barreeffamu dhihaannaa qabiyyee xiinqooqaa maal akka hammachuu qabuufi qabiyyeeleen xixinnoon akkamiin akka dhihaatanu adda baafachuun barbaachisaadha.
- ✓ Barreessitoonni sadarkaa beekumsa dubbistoota isaanii erga adda baafatanii booda sadarkaa kitaabni isaanii tajaajiluuf osoo lafa kaa’atanii gaarii ture.

## Wabiilee


Abarraafi Kaawwan, (1998).*Caasluga Afaan Oromoo***. (*Jildii*-**1), Addis Ababa: Branna Pirnting Enterprise.

Abbomaa Nagaasaa. (2015). *"Xiinxala Dhihaannaa Jechoota Kitaabaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12."* Qorannoo Eebba Boodaa.Yuunivarsiitii Finfinnee. (Qorannoo MA).

Adugna Guade. (2009). *World Wide English Usage.* Addis Abeba: Mega Printig P.l.c.

Addunyaa Barkeessaa, (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo.* Finfinnee: Mega

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo.* Addis Ababa

Addunyaa Barkeessaa. (2012). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa. (2018). *Semmoo: Bu'uura Barumsa Afaaniifi Afoola*. Finfinnee: Mega Printing Press.

Atkins J. etal. (1995). *Skill Development Methodology* (Part-I). Addis Ababa: Addis Ababa printing Press.

Bultii Baqqalaa, (2009), *Qaaccessa Haala Dhiyaannaa Dhamjechoota Maqaafi Gochima: Kitaabilee Afaan Oromoo Kutaa 9ffaafi 10ffaa:* Qorannoo dig 2ffaa.

Filee Jaallataa (2015), *Seerluga Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.

Geetaachoo Rabbirraa. (2008). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9 fii 10*, Max.5ffaa. Addis Ababa, Ethiopia: Dhaabbata Maxxansaa Kurraaz Internaashinaal.

Hockett, C.F. (1970). *A course in Modern Linguistics*. USA: The Macmillan Press Ltd.

Horn by, A.S. (2005). *Oxford Advanced Learner"s Dictionary* (7thed.). Oxford: Oxford University press.

Ijaaraa Baatuu, (2007), *Haala dhiyeessa Xiinjecha Afaan OromooDaree Barnootaa Keessatti: Haala barattoota Mana barumsaa Qophaa‟inaa Gobbaa*. Qorannoo Dig. 2ffaa.

Ikraam Ahmad, (2013). *Naanniga: Bu'uuraalee seerluga Afaan Oromoo*. Jimma, Oromiyaa.

Jaarraa W.Bfi W.B. Yaadatu (2008). *Bantuu Haaraa: Caas-Lugaa fi Og- Barruu Afaan Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa.

Katamba, Francis (1993) .*Morphology* .Great Britain, the machmillan press.LTD

Lyons, John.(1981*). Language and Linguistics* An Introduction.Cambridge: Cambridge University Press

Mitikkuu Dibbeessaafi Tashoomee Egeree. (1992). *Xinjecha: Seerluga Afaan Oromoo Hidhaa 2ffaa.* Barnoota Fagoo Dhaabbata Mala Qunnamtii, Ministera barnootaa.

Nasr, R. T. (1972). *Teaching And Learning English*. Singapore: Longman Singapore Publisher.

O‟Grady, W.and Dobrovolsky .M. (1996*).Contemporary Linguistics Analysis, An Introduction (3rd .edt.)* Ternto Copp Clark Ltd.

Owens, J. (1985a). *The Grammar of Harar Oromo*. Humburge: Hemut Buske Verlage Humbrge Printing Press.

Temesgen Negasa. (1993*). Word Formation in Oromo.* Addis Ababa: Addis Ababa University (Unpublished MA thesis)

Ur, P. (1996). A Course InLanguage Teaching Practice and Theory. Cambridge: Cambridge

Yule, G. (2006). *The study of Language .2nd. (edt.).* Cambridge: Cambridge University press.